الجزء ٢٢ الحزب ٤٣

۞ وَمَن يَقۡنُتۡ مِنكُنَّ لِلَّهِ وَرَسُولِهِۦ وَتَعۡمَلۡ صَٰلِحٗا نُّؤۡتِهَآ
أَجۡرَهَا مَرَّتَيۡنِ وَأَعۡتَدۡنَا لَهَا رِزۡقٗا كَرِيمٗا ٣١ يَٰنِسَآءَ ٱلنَّبِيِّ
لَسۡتُنَّ كَأَحَدٖ مِّنَ ٱلنِّسَآءِ إِنِ ٱتَّقَيۡتُنَّۚ فَلَا تَخۡضَعۡنَ بِٱلۡقَوۡلِ
فَيَطۡمَعَ ٱلَّذِي فِي قَلۡبِهِۦ مَرَضٞ وَقُلۡنَ قَوۡلٗا مَّعۡرُوفٗا ٣٢ وَقَرۡنَ
فِي بُيُوتِكُنَّ وَلَا تَبَرَّجۡنَ تَبَرُّجَ ٱلۡجَٰهِلِيَّةِ ٱلۡأُولَىٰۖ وَأَقِمۡنَ
ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتِينَ ٱلزَّكَوٰةَ وَأَطِعۡنَ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥٓۚ إِنَّمَا
يُرِيدُ ٱللَّهُ لِيُذۡهِبَ عَنكُمُ ٱلرِّجۡسَ أَهۡلَ ٱلۡبَيۡتِ وَيُطَهِّرَكُمۡ
تَطۡهِيرٗا ٣٣ وَٱذۡكُرۡنَ مَا يُتۡلَىٰ فِي بُيُوتِكُنَّ مِنۡ
ءَايَٰتِ ٱللَّهِ وَٱلۡحِكۡمَةِۚ إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ لَطِيفًا خَبِيرًا ٣٤
إِنَّ ٱلۡمُسۡلِمِينَ وَٱلۡمُسۡلِمَٰتِ وَٱلۡمُؤۡمِنِينَ وَٱلۡمُؤۡمِنَٰتِ
وَٱلۡقَٰنِتِينَ وَٱلۡقَٰنِتَٰتِ وَٱلصَّٰدِقِينَ وَٱلصَّٰدِقَٰتِ وَٱلصَّٰبِرِينَ
وَٱلصَّٰبِرَٰتِ وَٱلۡخَٰشِعِينَ وَٱلۡخَٰشِعَٰتِ وَٱلۡمُتَصَدِّقِينَ
وَٱلۡمُتَصَدِّقَٰتِ وَٱلصَّٰٓئِمِينَ وَٱلصَّٰٓئِمَٰتِ وَٱلۡحَٰفِظِينَ
فُرُوجَهُمۡ وَٱلۡحَٰفِظَٰتِ وَٱلذَّٰكِرِينَ ٱللَّهَ كَثِيرٗا
وَٱلذَّٰكِرَٰتِ أَعَدَّ ٱللَّهُ لَهُم مَّغۡفِرَةٗ وَأَجۡرًا عَظِيمٗا ٣٥

㉛ Isin irraa namni ajaja Rabbiitiifi Ergamaa isaa qabattee dalagaa gaarii Rabbiin biratti jaalatamtuu taate hojjatte mindaa dubartoota biroo irra dachaa goonee isheef kennina: Aakhiratti mindaa bareedaa, Jannata ta'e san isheef qopheessineerra.

㉜ Yaa warra Nabi Muhammad! Caalmaa keessatti isin akka dubartoota biroo miti. Yoo ajaja Rabbii jala butamtanii dhorgaa isaa irraa fagaattan isin kabajaafi caalmaa keessatti sadarkaa dubartoonni biraa irra hin ga'in irra geessu. Dhiirota alagaa waliin yeroo dubbattan jechaafi sagalee keessan hin laaffisinaa. Sababa kanaaf namni qalbii isaa keessa dhukkubni nifaaqaafi haraama jaallchuu jiru isin kajeela. Jecha dhugaa kan shakkii irraa fagaate kan qoosaan keessa hin jirre dubbadhaa.

㉝ Dhimmaaf malee mana keessan irraa odoo hin baane mana keesssan keessa tattaa'aa. Akka hojii dubartoota Islaamummaan dura dhiira ofitti jallisuuf bareedina ofii mullisuu turaniitti bareedina keessan hin mullisinaa. Akkaataa guutuu taate irratti salaata raawwadhaa. Zakaa qabeenya keessaniitis kennadhaa. Ajaja Rabbiifi Ergamaa isaas godhaa. Yaa warra Ergamaafi maatii isaa! Rabbiin rakkinaafi fokkina isin irraa oofuu fedha. Ammas lubbuu keessan haala babbareedaa qabaattee haala gadhee irraa hanbisuun qulqullina guutuu xuriin isa booda hin hafin isin qulqulleessuu barbaada.

㉞ Keeyyattoota Rabbii kan Ergamaa irratti buufameefi karaa Ergamaa qulqulluu taate irraa wanta mana keessan keessatti qara'amuun gorfamaa. Dhugumatti Rabbiin yeroo mana Nabiyyichaa keessa isin kaa'uun tola isinitti oole isiniif rahmata goodhaa taheera. Ummata isaa keessaa warra Ergamaa ta'uuf yeroo isin fileefi Mu'uminoota hundaaf haadha ta'uuf bakka isin filetti Rabbiin isin beekaa ta'eera.

㉟ Dubartootaafi dhiironni Rabbiif ajajamuun gadi godhatan, dhiiraafi dubartoonni Rabbiin dhugoomsan, dhiiraafi dubartoonni ajaja Rabbii godhan, dhiiraafi dubartoonni iimaanaafi jecha isaanii keessatti dhugaa dubbatan, dhiiraafi dubartoonni obsan, dirqamaafi sunnaa keessatti qabeenya isaanii irraa saddaqatan, dirqamaafi sunnas kan Rabbiif soomanan, naama gara ishee ilaaluun haraama ta'e duratti qaama isaanii saaxiluu irraa, sagaggaalummaa fokkattuufi jalqaba ishee irraa fagaatuun kan qaama isaanii tikfataniifi dhoksaafi mullisaniitis qalbiinis ta'ee arrabaan baay'isanii kan Rabbiin yaadatan, yakkoota isaanii isaanif araaramuu waadaa galeefi Guyyaa Qiyaamas mindaa guddaa jannata ta'e san isaaniif qopheesse.

✵ Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Jecha gadi qabatuu irraa dhorguufi dhimmaaf malee mana keessa taa'utti ajajuun qajeelfama Qur'aanni dubartii muslimaatiif godheedha.
- Sadarkaa maatiin Ergamaa qabuufi warri isaas maatii isaa irraa akka tahan ibsuudha.
- Bakka sharii'aan keessaa baaftetti malee dhiiraafi dubartiin dalagaafi mindaa keessatti waluma qixa.

وَمَا كَانَ لِمُؤۡمِنٖ وَلَا مُؤۡمِنَةٍ إِذَا قَضَى ٱللَّهُ وَرَسُولُهُۥٓ أَمۡرًا أَن يَكُونَ
لَهُمُ ٱلۡخِيَرَةُ مِنۡ أَمۡرِهِمۡۗ وَمَن يَعۡصِ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ فَقَدۡ ضَلَّ ضَلَٰلٗا
مُّبِينٗا ٣٦ وَإِذۡ تَقُولُ لِلَّذِيٓ أَنۡعَمَ ٱللَّهُ عَلَيۡهِ وَأَنۡعَمۡتَ عَلَيۡهِ
أَمۡسِكۡ عَلَيۡكَ زَوۡجَكَ وَٱتَّقِ ٱللَّهَ وَتُخۡفِي فِي نَفۡسِكَ مَا ٱللَّهُ
مُبۡدِيهِ وَتَخۡشَى ٱلنَّاسَ وَٱللَّهُ أَحَقُّ أَن تَخۡشَىٰهُۖ فَلَمَّا قَضَىٰ زَيۡدٞ
مِّنۡهَا وَطَرٗا زَوَّجۡنَٰكَهَا لِكَيۡ لَا يَكُونَ عَلَى ٱلۡمُؤۡمِنِينَ حَرَجٞ فِيٓ
أَزۡوَٰجِ أَدۡعِيَآئِهِمۡ إِذَا قَضَوۡاْ مِنۡهُنَّ وَطَرٗاۚ وَكَانَ أَمۡرُ ٱللَّهِ مَفۡعُولٗا
٣٧ مَّا كَانَ عَلَى ٱلنَّبِيِّ مِنۡ حَرَجٖ فِيمَا فَرَضَ ٱللَّهُ لَهُۥۖ سُنَّةَ ٱللَّهِ فِي
ٱلَّذِينَ خَلَوۡاْ مِن قَبۡلُۚ وَكَانَ أَمۡرُ ٱللَّهِ قَدَرٗا مَّقۡدُورًا ٣٨ ٱلَّذِينَ
يُبَلِّغُونَ رِسَٰلَٰتِ ٱللَّهِ وَيَخۡشَوۡنَهُۥ وَلَا يَخۡشَوۡنَ أَحَدًا إِلَّا ٱللَّهَۗ وَكَفَىٰ
بِٱللَّهِ حَسِيبٗا ٣٩ مَّا كَانَ مُحَمَّدٌ أَبَآ أَحَدٖ مِّن رِّجَالِكُمۡ وَلَٰكِن
رَّسُولَ ٱللَّهِ وَخَاتَمَ ٱلنَّبِيِّـۧنَۗ وَكَانَ ٱللَّهُ بِكُلِّ شَيۡءٍ عَلِيمٗا ٤٠
يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱذۡكُرُواْ ٱللَّهَ ذِكۡرٗا كَثِيرٗا ٤١ وَسَبِّحُوهُ
بُكۡرَةٗ وَأَصِيلًا ٤٢ هُوَ ٱلَّذِي يُصَلِّي عَلَيۡكُمۡ وَمَلَٰٓئِكَتُهُۥ
لِيُخۡرِجَكُم مِّنَ ٱلظُّلُمَٰتِ إِلَى ٱلنُّورِۚ وَكَانَ بِٱلۡمُؤۡمِنِينَ رَحِيمٗا ٤٣

㊱ Yeroo Rabbiifi Ergamaan wanta tokko murteessan, gurbaa mu’uminaafi intala mu’uminaatiif qeebaluu yookiin diduu keessatti filannoon isaaniif tahuun inuma hin fakkaatu. Namni Rabbiifi Ergamaa dide karaa sirrii irraa jallina ifa ta’e jallateera.

㊲ Yaa Ergamichaa! Yeroo Zeydii Bin Haarisah waa’ee niitii isaa Zeynabaa bint Jahash hiikuu sitti mari’atuuf dhufnaan isa Rabbiin Islaamummaan tola itti oole kan atis bilisoomsuun tola itti oolte kan maqaan isaa Zeydii Haarisaa ta’een akkana jettu: niitii kee hin hiikinii dhiisi. Ajaja isaa jala butamuufi waan inni irraa dhorge irraa fagaatuun Rabbiin sodaadhu. Yaa Ergamichaa! Zeynabaa fuudhuu Rabbiin gara keetti wahyii godhe nama sodaaf of keessatti dhoksaa yeroo dhiisi jettuun. Rabbiin hogga Zeydiin ishee hiikee booda ati ishee fuudhuu mullisuuf jira. Waanta kana keessatti Rabbuma sodaatu irra caala. Kana booda yeroo Zeydi lubbuun isaa gammaddee ishee jibbee hiiku ishee siif heerumsiifne. Sababni isaas yeroo isaan niitii isaanii hiikanii iddaan ishee dhume, niitii ilmaan guddifachaa fuudhuu keessatti Mu’uminoota irra diliin akka hin jiraanneefiidha. Amriin Rabbii hojjatamaa ta’eera.

㊳ Nabiyyicha Muhammad niitii ilma isaa kan guddifachaa fuudhuu irraa wanta isaaf halaala godhame keessatti diliin yookiin rakkoon isa irra hin jiru. Inni sana keessattii karaa ergamoota isa duraa hordofa waan ta’eef; inni wan san keessatti eegalaa jalqabaatii miti. Odoo Nabiyyichaaf yaanni yookiin filannoon hin jiraatin gaa’ila kana guutuun guddifachaa balleessuu irraa wanti Rabbiin murteesse odoo wanti isa deebisu hin jirre murtii bakka ga’aa ta’eera.

㊴ Nabiyyooni kun Rabbiin malee odoo waan tokkollee hin sodaanne warra ergaa Rabbiin akka ummata isaaniitti geessaniif isaan irratti buuse geessaniidha. Bakka wanta isaaniif Rabbiin hayyame hojjatanitti waan namni biroo jedhu hin ilaalan. Dalgaa gabroota isaa irratti akka isaan qoratuufi isheef akka isaan mindeessuuf tiksaa ta’uuf Rabbumaatu gayadha. Yoo gaarii taate toltuu, yoo hamtuu taate immoo hamtuu galata galchaaf.

㊵ Muhammad dhiira keessan irraa nama tokkolleef abbaa miti. Kanaafuu inni Zeydiif abbaa hin tahu waan taheef yeroo inni niitii isaa hiike fuudhuun irratti haraam hin godhamu. Garuu inni gara namootaatti ergamaa Rabbiiti, booddee nabiyyootaati, nabiyyiin isa booda hin jiru. Rabbiin wanta hunda beekaa waan ta’eef waa’ee gabroota isaa irraa homaa isa hin dhokatu.

㊶ Yaa warra Rabbitti amantanii wanta karaa godhe hojjattan! Onnee, arrabaafi humna keessaniin zikrii baay’ee Rabbiin zakkaraa.

㊷ Ganamaafi galgala tasbiihaafi tahaliilaan Rabbiin qulqulleessaa.

㊸ Inni isa rahmata isiniif godhee toltuun isin dubbatuudha. Akka dukkana kufrii kan adda addaa keessaa gara if iimaanaatti isin baasuuf malaykonni isiniif kadhatu. Rabbiin Mu’uminootaaf rahmata godhaa waan ta’eef yoo isaan ajaja isaa jala butamuufi wanta inni irraa dhorge irraa fagaatuun ibaadaa isaa godhan isaan hin adabu.

❁ **Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:**

- Namni mu’uminaa murtii Rabbiitiif bitamuun dirqama.
- Rabbiin wanta lubbuu namaa keessa jiru irratti mullataadha.
- Seenaa haadha Mu’uminootaa; Zeynabaa bint Jahash keessaa: Rabbiin samii torbanii olii ishee heerumsiisuudha.
- Keessaayyuu yeroo ganamaafi galgalaa zikriin Rabbii caalmaa qabdi.

تَحِيَّتُهُمۡ يَوۡمَ يَلۡقَوۡنَهُۥ سَلَٰمٞۚ وَأَعَدَّ لَهُمۡ أَجۡرٗا كَرِيمٗا ٤٤ يَٰٓأَيُّهَا
ٱلنَّبِيُّ إِنَّآ أَرۡسَلۡنَٰكَ شَٰهِدٗا وَمُبَشِّرٗا وَنَذِيرٗا ٤٥ وَدَاعِيًا
إِلَى ٱللَّهِ بِإِذۡنِهِۦ وَسِرَاجٗا مُّنِيرٗا ٤٦ وَبَشِّرِ ٱلۡمُؤۡمِنِينَ بِأَنَّ لَهُم
مِّنَ ٱللَّهِ فَضۡلٗا كَبِيرٗا ٤٧ وَلَا تُطِعِ ٱلۡكَٰفِرِينَ وَٱلۡمُنَٰفِقِينَ
وَدَعۡ أَذَىٰهُمۡ وَتَوَكَّلۡ عَلَى ٱللَّهِۚ وَكَفَىٰ بِٱللَّهِ وَكِيلٗا ٤٨
يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ إِذَا نَكَحۡتُمُ ٱلۡمُؤۡمِنَٰتِ ثُمَّ طَلَّقۡتُمُوهُنَّ
مِن قَبۡلِ أَن تَمَسُّوهُنَّ فَمَا لَكُمۡ عَلَيۡهِنَّ مِنۡ عِدَّةٖ تَعۡتَدُّونَهَاۖ
فَمَتِّعُوهُنَّ وَسَرِّحُوهُنَّ سَرَاحٗا جَمِيلٗا ٤٩ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِيُّ
إِنَّآ أَحۡلَلۡنَا لَكَ أَزۡوَٰجَكَ ٱلَّٰتِيٓ ءَاتَيۡتَ أُجُورَهُنَّ وَمَا مَلَكَتۡ
يَمِينُكَ مِمَّآ أَفَآءَ ٱللَّهُ عَلَيۡكَ وَبَنَاتِ عَمِّكَ وَبَنَاتِ عَمَّٰتِكَ
وَبَنَاتِ خَالِكَ وَبَنَاتِ خَٰلَٰتِكَ ٱلَّٰتِي هَاجَرۡنَ مَعَكَ وَٱمۡرَأَةٗ
مُّؤۡمِنَةً إِن وَهَبَتۡ نَفۡسَهَا لِلنَّبِيِّ إِنۡ أَرَادَ ٱلنَّبِيُّ أَن يَسۡتَنكِحَهَا
خَالِصَةٗ لَّكَ مِن دُونِ ٱلۡمُؤۡمِنِينَۗ قَدۡ عَلِمۡنَا مَا فَرَضۡنَا
عَلَيۡهِمۡ فِيٓ أَزۡوَٰجِهِمۡ وَمَا مَلَكَتۡ أَيۡمَٰنُهُمۡ لِكَيۡلَا
يَكُونَ عَلَيۡكَ حَرَجٞۗ وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورٗا رَّحِيمٗا ٥٠

㊹ Kabajaan Mu’uminootaa gaafa Rabbii isaanii qunnaman salaamtaafi hamtuu hunda duraa nagaya bahuudha. Rabbiin waan ibaadaa isaa godhanii, dilii isaa irraa fagaataniif mindaa bareedaa jannata ta’e san isaaniif qopheesse.

㊺ Yaa Nabiyyicha! Gara ilmaan namaatti wanta ergamteen geessuu ragaa bahaa goonee si ergine. Jannata irraa waan isaanii qophaa’een Mu’uminoota gammachiisuufi adabbii irraa waan isaanii qophaa’een kafiroota akka sodaachiftuuf si ergine.

㊻ Ajaja Rabbiitiin gara tawhiidaafi ibaadaatti akka waamtuuf si ergine. Namni qajeelloo barbaade hundi ibsaa ittiin ibsatu goonee si ergine.

㊼ Mu’uminoota Rabbitti amanee wanta inni isaanii karaa godhe hojjatu, Rabbiin biraa tola guddaa akka Addunyaa keessatti isaanii tumsuu, aakhiratti jannata seenuun milkaa’uu of keessaa qabuutu isaaniif jiraachuu itti himuun gammachiisi.

㊽ Diinii Rabbii irraa garagaluu isaan itti si waaman keessatti kaafirootaafi munaafiqoota hin eeyyamin, irraa gargali. Isaatu wan ati isaanittiin dhuftetti amanutti nama harkisa. Amrii kee kan akka diina kee irratti siif tumsuu hunda keessatti Rabbirratti hirkadhu. Addunyaafi Aakhiraa keessatti kan gabroonni dhimma isaanii hunda keessatti itti hirkatan ta’uuf Rabbiin gayaadha.

㊾ Yaa warra Rabbitti amananii, wanta inni isaaniif karaa godhetti hojjatan! Dubartoota Mu’uminootaa erga nikaah hidhattanii odoo isaanitti hin seenin yoo hiiktan, isaan irratti iddaan lakkaawwattan isiniif hin taane. Waan isaan waliin hin jiraatiniif qulqullina gadaamessa isaanii beekuuf iddaa dhiiga laguutis ta’ee yookiin ji’ootaan lakkaawwatus isaan irraa homaa hin qabdan. Hamilee isaanii tan isaan hiikuuf cabxe qobbuuf qixa dandeettii keessaniitiin qabeenya keessaniin isaan gargaaraa. Odoo isaan hin rakkifne gara maatii isaanii haa deemanii karaa isaanii gadi dhiisaaf.

㊿ Yaa Nabiyyicha! Niitoolii kee kan mahrii kenniteef siif eeyyamne. Booji’amoota Rabbiin sirratti deebise irraa gabroota dhuunfattes siif eeyyamne. Dubara adeeraa/wasiilaa, kan adaadotaas kan eessumman keetiifi dubara haboowwan kee kan Makka irraa gara Madiinaa sii waliin godaanan fuudhuu siif eeyyamne. Intala mu’umina taate tan lubbuu ishee siif of kennite yoo fuuchuu barbaadde mahriin malee fuudhuu siif eeyyamne. Ishee of kennite fuudhuun Nabiyyicha malee namoota birootiif hin eeyyamamu. Dhugumatti waa’ee warra isaanii keessatti yeroo dubartii afur bira dabarsuun hin eeyyamamneef wanta Mu’uminoota irratti dirqama gooneefi waa’ee gabroota isaanii keessatti yeroo lakkoofsaan odoo hin murtaa’in hanga fedhan itti qanani’uu karaa goneef beekneerra. Wanta dubbatame kan namoota birootiif hin eeyyamamin siif eeyyamuun akka rakkinni sirra hin jiraanneef jecha. Gabroottan isaa irraa nama tawbateef araaramaa, rahmata godhaa ta’eera.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Rakkoo irratti obsuun amaloota nama da’awaa godhuuti.
- Dhiirsa odoo waliin hin jiraatin niitii isaa hiikeef hamilee ishee eeguuf garii qabeenya isaa isheef kennuun jaallatamaadha.
- Nabiyyichaaf intala isaaf of kennite fuudhuun ni hayyamama.

رُبْع الحِزْب ٤٣

۞ تُرۡجِي مَن تَشَآءُ مِنۡهُنَّ وَتُـٔۡوِيٓ إِلَيۡكَ مَن تَشَآءُۖ وَمَنِ ٱبۡتَغَيۡتَ
مِمَّنۡ عَزَلۡتَ فَلَا جُنَاحَ عَلَيۡكَۚ ذَٰلِكَ أَدۡنَىٰٓ أَن تَقَرَّ أَعۡيُنُهُنَّ
وَلَا يَحۡزَنَّ وَيَرۡضَيۡنَ بِمَآ ءَاتَيۡتَهُنَّ كُلُّهُنَّۚ وَٱللَّهُ يَعۡلَمُ
مَا فِي قُلُوبِكُمۡۚ وَكَانَ ٱللَّهُ عَلِيمًا حَلِيمٗا ٥١ لَّا يَحِلُّ لَكَ
ٱلنِّسَآءُ مِنۢ بَعۡدُ وَلَآ أَن تَبَدَّلَ بِهِنَّ مِنۡ أَزۡوَٰجٖ وَلَوۡ أَعۡجَبَكَ
حُسۡنُهُنَّ إِلَّا مَا مَلَكَتۡ يَمِينُكَۗ وَكَانَ ٱللَّهُ عَلَىٰ كُلِّ
شَيۡءٖ رَّقِيبٗا ٥٢ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لَا تَدۡخُلُواْ بُيُوتَ ٱلنَّبِيِّ
إِلَّآ أَن يُؤۡذَنَ لَكُمۡ إِلَىٰ طَعَامٍ غَيۡرَ نَٰظِرِينَ إِنَىٰهُ وَلَٰكِنۡ
إِذَا دُعِيتُمۡ فَٱدۡخُلُواْ فَإِذَا طَعِمۡتُمۡ فَٱنتَشِرُواْ وَلَا مُسۡتَـٔۡنِسِينَ
لِحَدِيثٍۚ إِنَّ ذَٰلِكُمۡ كَانَ يُؤۡذِي ٱلنَّبِيَّ فَيَسۡتَحۡيِۦ مِنكُمۡۖ
وَٱللَّهُ لَا يَسۡتَحۡيِۦ مِنَ ٱلۡحَقِّۚ وَإِذَا سَأَلۡتُمُوهُنَّ مَتَٰعٗا فَسۡـَٔلُوهُنَّ
مِن وَرَآءِ حِجَابٖۚ ذَٰلِكُمۡ أَطۡهَرُ لِقُلُوبِكُمۡ وَقُلُوبِهِنَّۚ
وَمَا كَانَ لَكُمۡ أَن تُؤۡذُواْ رَسُولَ ٱللَّهِ وَلَآ أَن تَنكِحُوٓاْ أَزۡوَٰجَهُۥ
مِنۢ بَعۡدِهِۦٓ أَبَدًاۚ إِنَّ ذَٰلِكُمۡ كَانَ عِندَ ٱللَّهِ عَظِيمًا ٥٣
إِن تُبۡدُواْ شَيۡـًٔا أَوۡ تُخۡفُوهُ فَإِنَّ ٱللَّهَ كَانَ بِكُلِّ شَيۡءٍ عَلِيمٗا ٥٤

(51) Yaa Ergamichaa! Dubartoota kee irraa tan qooda ishee booda godhuu feete ishee waliin odoo hin bulle booda goota. Isaan irraa nama feete ofitti qabuun wajjin bulta. Nama duraan dhiifte kan deebisuu barbaaddes isa keessatti diliin sirra hin jiraatu. Filannoofi siif ballisuu saniitu ijji warra keetii gammadduufi dirqama sirra jiru akka ati hin dhiisin beekanii wanta isaaniif kennite hunda gara jaallatanii fudhatuutti irra dhihoodha. Yaa dhiirota! Warra garii dhiiftanii gariitti dabuu keessan ni beeka. Rabbiin dalagaa gabroottan isaa beekaa ta'e, ishee irraa homaa isa hin dhokatu. Obsaa waan ta'eef akka isaan tawbataniif adabbii isaanitti hin saffisu.

(52) Yaa Ergamichaa! Warra kee kan fuutee nikaah kee keessa jiru malee kan biroo siif hin hayyamamu. Dubartoota biroo fuudhuuf isaan hiikuun yookii garii isaanii hiikuun odoo bireedinni dubartoota fuuchuuf deemtuu si jaalachiisellee siif hin hayyamamu. Garuu gabroota harki kee dhunfatte irraa lakkofsaan odoo hin daangeffamne waliin jiraatuu nidandeessa. Rabbiin waan hunda irratti tooyataa ta'eera. Murtiin kun caalmaya haadholee Mu'uminootaa irratti qajeelcha. Sababni isaas hiikuufi irratti fuudhuun waan dhorgameefi.

(53) Yaa warra Rabbitti amanee waan inni karaa isinii godhetti hojjattan! Manneen Nabiyyichaa gara nyaataatti isin afeeruun akka seentan erga isiniif hayyamame malee hin seeninaa. Nyaanni bilchaatuu eeguun teessuma hin dheeressinaa. Garuu yeroo nyaataaf afeeramtan seenaa, yeroo nyaattan deemaa. Nyaata booda gariin keessan haasawa gariitti mukuu bahuuf/booharuuf hin taa'inaa. Dhugumatti Nabiyyichi deemaa isiniin jechuu ni saalfata waan ta'eef taa'uun keessan kan isa rakkisu ta'eera. Rabbiin dhugatti ajajuu hin saalfatu waan ta'eef akka taa'uun Ergamaa hin rakkifne deemutti isin ajaje. Yeroo warra Nabiyyichaa dhimma akka qodaa/weelkaafi waan biroos barbaaddan, odoo kallattiin akka ijji keessan isaan argitutti hin taane dhimma keessan san dahoo/girdoo duubaan gaafadhaa. Kabajaa Ergamaatiif isaan tiksuun kun godhame. Girdoo duubaan barbaaduutu akka Sheeyxaanni qalbii keessaniifi kan isaaniittis waswaasaafi hamtuu miidhegsuun hin argamne, qalbii keessaniifi kan isaaniitiifis irra qulqulluudha. Yaa Mu'uminoota! Haasawaaf mana isaa taa'uufi du'a isaa booda warra isaa fuudhuun Ergamaa rakkisuun isiniif hin barbaadamu. Isaan hadholee keessan waan ta'aniif nama tokkolleef haadha isaa fuudhuun hin eeyyamamu. Warra isaanii faa erga isaan du'anii rakkisuun sun dhoowwamaafi Rabbiin birattis dilii guddatti lakkaa'amaadha.

(54) Hojii keessan irraa waan tokko yoo mulliftaniifi yookiin yoo of keessatti dhoksitaniis Rabbirraa wanti tokkolleen hin dhokatu. Dhugumatti Rabbiin waan hunda beekaa waan ta'eef hujii keessaniifi wanti biroos isa irrraa hin dhokatu. Hujii keessan irratti yoo toltuu ta'ees toltuu yoo hamtuu ta'ees hamtuu galata isiniif galcha.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Yeroo Rabbiin mana Nabiyyichaa teessuma Ergamaa rakkiftu taa'uu irratti sahaabota komatuun guddina kabaja inni Rabbii isaa biratti qabuu argisiisa.
- Sifti lamaan beekumsaafi obsaa Rabbiif mirkanaa'eera.
- Saalfatuun haala Nabiyyichaa irraayi.
- Haadholee Mu'uminootaa, warra Nabiyyichaa tahan san sadarkaa isaanii tiksuudha.



لَّا جُنَاحَ عَلَيْهِنَّ فِىٓ ءَابَآئِهِنَّ وَلَآ أَبْنَآئِهِنَّ وَلَآ إِخْوَٰنِهِنَّ وَلَا
أَبْنَآءِ إِخْوَٰنِهِنَّ وَلَآ أَبْنَآءِ أَخَوَٰتِهِنَّ وَلَا نِسَآئِهِنَّ وَلَا مَا مَلَكَتْ
أَيْمَٰنُهُنَّ ۗ وَٱتَّقِينَ ٱللَّهَ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ كَانَ عَلَىٰ كُلِّ شَىْءٍ شَهِيدًا ﴿٥٥﴾
إِنَّ ٱللَّهَ وَمَلَٰٓئِكَتَهُۥ يُصَلُّونَ عَلَى ٱلنَّبِىِّ ۚ يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ
ءَامَنُوا۟ صَلُّوا۟ عَلَيْهِ وَسَلِّمُوا۟ تَسْلِيمًا ﴿٥٦﴾ إِنَّ ٱلَّذِينَ يُؤْذُونَ
ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ لَعَنَهُمُ ٱللَّهُ فِى ٱلدُّنْيَا وَٱلْءَاخِرَةِ وَأَعَدَّ لَهُمْ عَذَابًا
مُّهِينًا ﴿٥٧﴾ وَٱلَّذِينَ يُؤْذُونَ ٱلْمُؤْمِنِينَ وَٱلْمُؤْمِنَٰتِ بِغَيْرِ
مَا ٱكْتَسَبُوا۟ فَقَدِ ٱحْتَمَلُوا۟ بُهْتَٰنًا وَإِثْمًا مُّبِينًا ﴿٥٨﴾
يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّبِىُّ قُل لِّأَزْوَٰجِكَ وَبَنَاتِكَ وَنِسَآءِ ٱلْمُؤْمِنِينَ
يُدْنِينَ عَلَيْهِنَّ مِن جَلَٰبِيبِهِنَّ ۚ ذَٰلِكَ أَدْنَىٰٓ أَن يُعْرَفْنَ فَلَا
يُؤْذَيْنَ ۗ وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورًا رَّحِيمًا ﴿٥٩﴾ ۞ لَّئِن لَّمْ يَنتَهِ ٱلْمُنَٰفِقُونَ
وَٱلَّذِينَ فِى قُلُوبِهِم مَّرَضٌ وَٱلْمُرْجِفُونَ فِى ٱلْمَدِينَةِ
لَنُغْرِيَنَّكَ بِهِمْ ثُمَّ لَا يُجَاوِرُونَكَ فِيهَآ إِلَّا قَلِيلًا ﴿٦٠﴾ مَّلْعُونِينَ ۖ
أَيْنَمَا ثُقِفُوٓا۟ أُخِذُوا۟ وَقُتِّلُوا۟ تَقْتِيلًا ﴿٦١﴾ سُنَّةَ ٱللَّهِ فِى
ٱلَّذِينَ خَلَوْا۟ مِن قَبْلُ ۖ وَلَن تَجِدَ لِسُنَّةِ ٱللَّهِ تَبْدِيلًا ﴿٦٢﴾

نصف الحزب ٤٣

(55) Aboonni, ilmaan, obboleewwan dhiiraa, ilmaan obboleewwanii kan dhiiraafi ilmaan dhiiraa kan obboleettiwwan isaanii firummaan yookiin karaa hodhaatiin ta'uus girdoo malee isaan arguufi isaan dubbisuu keessatti diliin isaan irra hin jiru. Akkasumas dubartoonni Mu'uminootaafi gabri harki isaanii dhunfattes girdoo malee isaan dubbisuu keessattis rakkoon isaan irra hin jiru. Yaa dubartoota Mu'uminootaa! Waan Rabbiin itti ajajeefi irraa dhorge keessatti Rabbiin sodaadhaa. Inni wanta isin irraa mullatuufi argamu irratti tooyataadha.

(56) Dhugumatti malaykota isaa biratti Rabbiin nabiyyi isaa Muhammad ni faarsa. Maleykonnis isaaf kadhatan. Yaa warra Rabbitti amanee wanta inni gabroota isaaf karaa godhetti hojjattan! Ergamaa irratti rahmata buusaa, nagayas isa irratti businsa buusa. Rabbiin yeroo Ergamaa kabajuufi rahmata irratti buusutti ajaje isa rakkisuu irraa akkana jechuun dhorge:

(57) Warra jechaan yookii hujiin Rabbiifi Ergamaa arrabsan addunyaafi aakhiraattis Rabbiin rahmata irraa isaan fageesse. Aakhiratti immoo Ergamaa rakkisuu irraa waan isaan dalagan irratti mindaa isaanii kennuuf adabbii salphisaa isaaniif qopheesse.

(58) Warri Mu'uminoota dhiiraafi dubartootas badii isaanii malee jechaan yookii gochaan rakkisan, sobaafi yakka ifa galaa baadhatan.

(59) Yaa Nabiyyichaa! Warra kee, shamarran keetiifi dubartoota mu'uminootaatiinis jedhi: akka qaamni isaanii dhiira alagaa fuula duratti hin saaxilamne jilbaaba uffattan sana of irratti gadi buusaa. Santu bilisa ta'uun isaanii beekkamee akka gabroonni rakkifamutti rakkifamuu dhabutti dhihoodha. Rabbiin gabroota isaa irraa dilii warra tawbatee araaramaa, rahmata godhaadha.

(60) Munaafiqoonni munaafiqummaaf jecha kufrii dhoksanii islaamummaa mullisuu kana irraa yoo dhorgamuu baatan, warri qalbii isaanii keessa badii dhoksuun jiruufi warri Mu'uminoota adda baasuuf oduu kijibaa Madiinaa keessa fidan, yaa Ergamaa akka isaan adabdu si ajajna. Isaan irrattis si moosifna, waan dachii keessatti badii raawwataniif isaan balleessina yookii asii isaan baafna. Madiinaa keessa yeroo gabaabduu malee sii waliin hin jiraatan.

(61) Rahmata Rabbii iraa darbamoo tahuun bakka argaman hundatti munaafiqummaafi dachii keessa badii facaasuuf qabamanii ajjeechaa cimaa ajjeefamu.

(62) Isheen tun aadaa Rabbii kan yeroo munaafiqoonni nifaaqa mullisan fiduudha. Aadaan Rabbii gadi dhaabbattuudha waan taateef gonkuma jijjiirama isheef hin argitu.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Sadarkaan Nabiyyichaa Rabbiifi malaykota bittis ol fuudhmaadha.
- Sababa malee Mu'uminoota rakkisuun dhoowwamaadha.
- Nifaaqni sababa adabni namticha isa qabuttiin bu'uudha

يَسۡـَٔلُكَ ٱلنَّاسُ عَنِ ٱلسَّاعَةِۖ قُلۡ إِنَّمَا عِلۡمُهَا عِندَ ٱللَّهِۚ وَمَا يُدۡرِيكَ
لَعَلَّ ٱلسَّاعَةَ تَكُونُ قَرِيبًا (٦٣) إِنَّ ٱللَّهَ لَعَنَ ٱلۡكَٰفِرِينَ وَأَعَدَّ
لَهُمۡ سَعِيرًا (٦٤) خَٰلِدِينَ فِيهَآ أَبَدٗاۖ لَّا يَجِدُونَ وَلِيّٗا وَلَا نَصِيرٗا
(٦٥) يَوۡمَ تُقَلَّبُ وُجُوهُهُمۡ فِي ٱلنَّارِ يَقُولُونَ يَٰلَيۡتَنَآ أَطَعۡنَا ٱللَّهَ
وَأَطَعۡنَا ٱلرَّسُولَا۠ (٦٦) وَقَالُواْ رَبَّنَآ إِنَّآ أَطَعۡنَا سَادَتَنَا وَكُبَرَآءَنَا
فَأَضَلُّونَا ٱلسَّبِيلَا۠ (٦٧) رَبَّنَآ ءَاتِهِمۡ ضِعۡفَيۡنِ مِنَ ٱلۡعَذَابِ
وَٱلۡعَنۡهُمۡ لَعۡنٗا كَبِيرٗا (٦٨) يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ لَا تَكُونُواْ كَٱلَّذِينَ
ءَاذَوۡاْ مُوسَىٰ فَبَرَّأَهُ ٱللَّهُ مِمَّا قَالُواْۚ وَكَانَ عِندَ ٱللَّهِ وَجِيهٗا (٦٩)
يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱتَّقُواْ ٱللَّهَ وَقُولُواْ قَوۡلٗا سَدِيدٗا (٧٠) يُصۡلِحۡ
لَكُمۡ أَعۡمَٰلَكُمۡ وَيَغۡفِرۡ لَكُمۡ ذُنُوبَكُمۡۗ وَمَن يُطِعِ ٱللَّهَ وَرَسُولَهُۥ
فَقَدۡ فَازَ فَوۡزًا عَظِيمًا (٧١) إِنَّا عَرَضۡنَا ٱلۡأَمَانَةَ عَلَى ٱلسَّمَٰوَٰتِ
وَٱلۡأَرۡضِ وَٱلۡجِبَالِ فَأَبَيۡنَ أَن يَحۡمِلۡنَهَا وَأَشۡفَقۡنَ مِنۡهَا وَحَمَلَهَا
ٱلۡإِنسَٰنُۖ إِنَّهُۥ كَانَ ظَلُومٗا جَهُولٗا (٧٢) لِّيُعَذِّبَ ٱللَّهُ ٱلۡمُنَٰفِقِينَ
وَٱلۡمُنَٰفِقَٰتِ وَٱلۡمُشۡرِكِينَ وَٱلۡمُشۡرِكَٰتِ وَيَتُوبَ ٱللَّهُ
عَلَى ٱلۡمُؤۡمِنِينَ وَٱلۡمُؤۡمِنَٰتِۗ وَكَانَ ٱللَّهُ غَفُورٗا رَّحِيمَۢا (٧٣)

(63) Yaa Ergamichaa! Mushrikoonni gaafii mormuufi kijibsiisuu si gaafatu. Yahuudonnis Qiyaamaan yoom taati jechuun waa'ee Qiyaamaa irraa si gaafatu. Isaan kanaan: beekumsa Qiyaamaa irraa waan tokko ana bira hin jiruu, Rabbuma bira jira jedhiin. Yaa Ergamichaa! Qiyaamaan akka dhihotti taatu maaltu si beeksise?

(64) Rabbiin kaafiroota rahmata isaa irraa fageessuun, guyyaa Qiyaamaa ibidda qabsiifamtuu taate isaaniif qopheesse.

(65) Ibidda isaaniif qoppheeffame sana keessa hogguu jiraatu waan ta'eef achi keessatti tiksaa isaan fayyadufi tumsaa adaba isan irraa deebisu hin argatanu.

(66) Guyyaa Qiyaamaa fuulli isaanii ibidda Jahannam keessa garagaggalfamti. Cimina sheena'uu irraa kan ka'e akkana jedhu: jiruu addunyaatti odoo ajaja Rabbii godhuufi wanta inni irraa dhorge irraa fagaatuun isa gabbrree waan Rabbiin biraa dhufe keessatti Ergamaa hordofnee.

(67) Isaan sababa laafaa dhara ta'een dhufuun: yaa Rabbii keenya! Matootiifi gurguddoo ummata keenyaa waan hordofneef karaa sirrii irraa nuun daban.

(68) Yaa Gooftaa keenya! Matootii nu jallisan kanaaf sababa isaan nu jallisaniif dachaa waan nu adabduu isaaniif godhi, rahmata kee irraas fageessuu guddaa fageessi.

(69) Yaa warra Rabbitti amantanii, wanta inni karaa isinii godhetti dalagdan! Ergamaa keessan hin rakkisinaa. Dubaas akka warra Muusaa qaama isaa keessaa rakkina qaba jechuun arrabsinaan Rabbiin Muusaa qulqulleessee waan isaan ja'aniin san irraa Muusaan nagaya tahuun isaaniif ifa tahee sana taatu. Muusaan Rabbiin biratti sadarkaa qabeessa waan ta'eef barbaacha isaa hin deebisu, adeemsa isaatis hin hoongessu.

(70) Yaa warra Rabbitti amantanii, wanta inni karaa isinii godhetti dalagdan! Ajaja isaa jala deemtanii wanta inni irraa isin dhorge irraa of qabuun Rabbiin sodaadhaa. Jecha sirrii kan dhugaa ta'e dubbadhaa.

(71) Yoo isin Rabbiin sodaattanii dubbii sirrii dubbattan, dalagaa teessan isinii tolchuun isin irraa qeebala, dilii teessaniis isin irraa haqa waan ta'eef isheef isin hin qabu. Namni Rabbiifi Ergamaa isaa ajaja godhe milkii guddoo milkiin takkalleen isheetti hin dhaqqabne milkaa'eera. Isheen jaalala Rabbiitiifi jannata seenuu milkaa'uudha.

(72) Nuti dirqama sharii'aa, qabeenyaafi iccitii irraa wanta tikfamuu qabu samii, dacheefi gaara irras fidnaan ishee baadhatuu didan; booddee ishee sodaatan. Ilmi namaa lubbuu isaa miidhaa , booddee isaas wallaalaa waan ta'eef ishee baadhate.

(73) Ilmi namaa qadara Rabbirraa ta'een baadhate. Akka Rabbiin dhiiraafi dubartoota munaafiqoota tahaniifi mushrikootaas nifaaqaa irratti akkasumaas shirkii irratti adabuufi. Ammas dhiiraafi dubartoota Mu'uminoota tahan kan amaanaa baadhachuu bareechan irratti akka tawbaa deebi'uufi. Rabbiin dilii warra gabroota isaa irraa tawbatanii araarmaa, isaaniif rahmata godhaa ta'eera.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Beekomsa qiyaatiin Rabbiin kophaa bayeera.
- Hordoftoonni itti gaafatamummaa jallisuu isaanii gurguddoo isaanii irra kaa'uun, itti gaafatamuu jalaa isaan hin baasu.
- Jechaafi hujiiniis nabiyyoota rakkisuun dhoowwaan isaa cimaadha.
- Amaanaan ilmi namaa baadhate guddoodha.

BOQONNAA ASSABA’I

- Isheen Makkatti buute -



سُورَةُ سَبَإٍ ٤٢٨ الجُزْءُ الثَّانِي وَالعِشْرُونَ

آياتها ٥٤ سُورَةُ سَبَإٍ ترتيبها ٣٤

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ ٱلَّذِي لَهُۥ مَا فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَا فِي ٱلۡأَرۡضِ وَلَهُ ٱلۡحَمۡدُ
فِي ٱلۡأٓخِرَةِۚ وَهُوَ ٱلۡحَكِيمُ ٱلۡخَبِيرُ ١ يَعۡلَمُ مَا يَلِجُ فِي ٱلۡأَرۡضِ وَمَا
يَخۡرُجُ مِنۡهَا وَمَا يَنزِلُ مِنَ ٱلسَّمَآءِ وَمَا يَعۡرُجُ فِيهَاۚ وَهُوَ
ٱلرَّحِيمُ ٱلۡغَفُورُ ٢ وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ لَا تَأۡتِينَا ٱلسَّاعَةُۖ
قُلۡ بَلَىٰ وَرَبِّي لَتَأۡتِيَنَّكُمۡ عَٰلِمِ ٱلۡغَيۡبِۖ لَا يَعۡزُبُ عَنۡهُ مِثۡقَالُ
ذَرَّةٖ فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَلَا فِي ٱلۡأَرۡضِ وَلَآ أَصۡغَرُ مِن ذَٰلِكَ
وَلَآ أَكۡبَرُ إِلَّا فِي كِتَٰبٖ مُّبِينٖ ٣ لِّيَجۡزِيَ ٱلَّذِينَ
ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِۚ أُوْلَٰٓئِكَ لَهُم مَّغۡفِرَةٞ وَرِزۡقٞ
كَرِيمٞ ٤ وَٱلَّذِينَ سَعَوۡ فِيٓ ءَايَٰتِنَا مُعَٰجِزِينَ أُوْلَٰٓئِكَ
لَهُمۡ عَذَابٞ مِّن رِّجۡزٍ أَلِيمٞ ٥ وَيَرَى ٱلَّذِينَ أُوتُواْ ٱلۡعِلۡمَ
ٱلَّذِيٓ أُنزِلَ إِلَيۡكَ مِن رَّبِّكَ هُوَ ٱلۡحَقَّ وَيَهۡدِيٓ إِلَىٰ صِرَٰطِ
ٱلۡعَزِيزِ ٱلۡحَمِيدِ ٦ وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ هَلۡ نَدُلُّكُمۡ عَلَىٰ رَجُلٖ
يُنَبِّئُكُمۡ إِذَا مُزِّقۡتُمۡ كُلَّ مُمَزَّقٍ إِنَّكُمۡ لَفِي خَلۡقٖ جَدِيدٍ ٧

ASSABA’I 428 JUZ 22

Kaayyoo Suurattii:

akkaataa jijjiiruu irratti dandeettiin Rabbii mul’ataa tahuu ibsuufi akkaataan uumamaa tola Rabbiin itti oole keessatti galatoomfatuufi kafaruu jidduudha.

Ibsa suurattii:

① Faaruun hundi kan Rabbii samiifi dachii keessaa hunduu uumuunis ta’ee qabaatuufi tajaajilaanis kan isaaf ta’e. Aakhirattis faaruun kanuma isaati. Inni uumuufi tajaajiluu keessatti ogeessa amaloota gabroota isaa beeku kan ishee irraa homaa isa hin dhokanneedha.

② Waan dachii keessa gadi seenu kan akka bishaaniifi margaa ni beeka. Waan ishee irraa ol bahu kan akka margaafi wanta biroos ni beeka. Waan samii irraa bu’u kan akka bokkaa, malaykotaafi rizqii ni beeka. Waan samii keessa ol bahu kan akka malaykotaa, dalagaa gabrootaafi ruuhii isaanii hunda ni beeka. Inni gabroota isaa Mu’uminootaaf rahmata godhaa dilii nama gara isaa tawbatee araaramaadha.

③ Warri Rabbitti kafaran: Qiyaamaan gonkuma nutti hin dhuftu jedhan. Yaa Ergamichaa! Isaaniin jedhi: Lakkii! Rabbitti kakadhe, Qiyaamaan isin ishee sobsiiftan sun isinitti dhufuuf jirti. Garuu yeroo san Rabbiin qofatu beeka malee namni biroo hin beeku. Rabbiin Qiyaamaafi wanta biraa tan nama irraa fagaattes ni beeka. Samiifi dachii keessatti madaalli irra xiqqoo mixiitiifi wanti sanii gadiitis kan san irra guddaatis galmee ifa bahaa keessatti barreeffamu malee hin hafu. Galmeen sun Lawhal-mahfiiz, wanti hanga guyyaa Qiyaamaatti tahuuf taa’u hundi keessatti barreeffameedha.

④ Wanta Lawhal-mahfuuz keessaa Rabbiin wanti godheef warra Rabbitti amananii dalagaa gaarii hojjatan akka mindeessuufi. Isaan amaloota kana qaban dilii isaanii dhiifama godhuun Rabbirraa isaaniif waan ta’eef isheef jecha isaan hin qabu. Ammas kennaan bareedaan jannata ta’e sun isaaniif taatuudha.

⑤ Keeyyattoota irraa waan Rabbiin buuse balleessuuf warri jabaatanii hojjatan; isheedhaan sihrii jechuun, Ergamaan immoo raagaadha, sihriidha, wallisaadha kan jedhan isaan amaloota kana qaban guyyaa qiyqqmaa adabbiin hamaafi cimaan isaaniif tahaadha.

⑥ Beektonni sahaabotaafi abbootii kitaabaas wahyiin Rabbiin gara kee buuse kun dhugaa mamii hin qabne ta’uufi gara karaa Rabbii injifataa namni tokkolleen isa hin moone, kan Addunyaafi Aakhiraa keessattis faarfamaa ta’eetti nama qajeelchuu isaa ragaa ni bahu.

⑦ Wanta Ergamaan dhufeen irraa dinqisiifatuufi qishnuu irraa kan ka’e warri Rabbitti kafare gariin isaanii gariin akkana jedhe: isin yeroo duutanii akkaan ciccittan erga du’uu keessaniitii jiraatoo ta’uun kaafamtan gurbaa jedhu irratti isin qajeelchinuu?!

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Bal’ina beekumsa Rabbii wanta hundaan marsaadha.
- Sadarkaa abbootii beekumsaa.
- Mushrikoonni kaafamuu qaamaa mormuun, dandeettii Rabbii isaan uumee mormuu argisiisa.



أَفۡتَرَىٰ عَلَى ٱللَّهِ كَذِبًا أَم بِهِۦ جِنَّةُۢۗ بَلِ ٱلَّذِينَ لَا يُؤۡمِنُونَ بِٱلۡأٓخِرَةِ
فِي ٱلۡعَذَابِ وَٱلضَّلَٰلِ ٱلۡبَعِيدِ ٨ أَفَلَمۡ يَرَوۡاْ إِلَىٰ مَا بَيۡنَ أَيۡدِيهِمۡ
وَمَا خَلۡفَهُم مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلۡأَرۡضِۚ إِن نَّشَأۡ نَخۡسِفۡ بِهِمُ ٱلۡأَرۡضَ
أَوۡ نُسۡقِطۡ عَلَيۡهِمۡ كِسَفٗا مِّنَ ٱلسَّمَآءِۚ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَأٓيَةٗ
لِّكُلِّ عَبۡدٖ مُّنِيبٖ ٩ ۞وَلَقَدۡ ءَاتَيۡنَا دَاوُۥدَ مِنَّا فَضۡلٗاۖ
يَٰجِبَالُ أَوِّبِي مَعَهُۥ وَٱلطَّيۡرَۖ وَأَلَنَّا لَهُ ٱلۡحَدِيدَ ١٠ أَنِ ٱعۡمَلۡ
سَٰبِغَٰتٖ وَقَدِّرۡ فِي ٱلسَّرۡدِۖ وَٱعۡمَلُواْ صَٰلِحًاۖ إِنِّي بِمَا تَعۡمَلُونَ
بَصِيرٞ ١١ وَلِسُلَيۡمَٰنَ ٱلرِّيحَ غُدُوُّهَا شَهۡرٞ وَرَوَاحُهَا شَهۡرٞۖ
وَأَسَلۡنَا لَهُۥ عَيۡنَ ٱلۡقِطۡرِۖ وَمِنَ ٱلۡجِنِّ مَن يَعۡمَلُ بَيۡنَ يَدَيۡهِ بِإِذۡنِ
رَبِّهِۦۖ وَمَن يَزِغۡ مِنۡهُمۡ عَنۡ أَمۡرِنَا نُذِقۡهُ مِنۡ عَذَابِ ٱلسَّعِيرِ ١٢
يَعۡمَلُونَ لَهُۥ مَا يَشَآءُ مِن مَّحَٰرِيبَ وَتَمَٰثِيلَ وَجِفَانٖ كَٱلۡجَوَابِ
وَقُدُورٖ رَّاسِيَٰتٍۚ ٱعۡمَلُوٓاْ ءَالَ دَاوُۥدَ شُكۡرٗاۚ وَقَلِيلٞ مِّنۡ عِبَادِيَ
ٱلشَّكُورُ ١٣ فَلَمَّا قَضَيۡنَا عَلَيۡهِ ٱلۡمَوۡتَ مَا دَلَّهُمۡ عَلَىٰ مَوۡتِهِۦٓ
إِلَّا دَآبَّةُ ٱلۡأَرۡضِ تَأۡكُلُ مِنسَأَتَهُۥۖ فَلَمَّا خَرَّ تَبَيَّنَتِ ٱلۡجِنُّ
أَن لَّوۡ كَانُواْ يَعۡلَمُونَ ٱلۡغَيۡبَ مَا لَبِثُواْ فِي ٱلۡعَذَابِ ٱلۡمُهِينِ ١٤

ثلاثة أرباع الحزب ٤٣

⑧ Kaafiroonni ni jedhan: Sila gurbaan kun soba Rabbirratti uumuun du'uu booda kaafamuu keenya irraa wanta dubbate san dubbate moo, inni maraataa waan ta'eef wanta dhugaa hin tahin haasa'ee?! Dubbiin akka jarri kun jedhee miti. Qabatamaan wanti jiru warri aakhiratti hin amanin guyyaa Qiyaamaa adabbii cimaa keessa galuuf taa'u. Addunyatti immoo jallina dhugaa irraa fagoo ta'e keessa jiru.

⑨ Sila warri kaafamuu kijibsiisan kun dachii irraa wanta fuula isaanii dura jiruufi samii irraa waan duuba isaanii jiru hin arginee? dachii miila isaanii jala jirtu yoo isaan, jalaa kutuu barbaanne ni kunna. Yoo kutaa samii irraa isaan irra buusuu barbaannes ni buufna. Kana hunda keessa gabricha gara ibaadaa Rabbii hedduu deebi'uuf mallattoo murtuu dandeettii Rabbii irratti isa qajeelchituutu jiraaf. Inni kana irratti erga duutanii qaamni keessan cicciramee isin kaasuu irratti danda'aadha.

⑩ Dhugumatti Daawuudiif nabiyyummaafi mootummaa nu biraa taate kennineef. Gaaraanis: yaa gaara Daawuudii waliin tasbiiha deddeebisi jenneen. Akkasuma shinbirroonis jenneerra. Akka isa irraa waan fedhe meeshaalee adda addaa tolchuuf sibiila isaaf laaffifne.

⑪ Yaa Daawuud! Qoloo lolaa tan qaama walgeessu tan loltoota kee lola diina isaanii tiksitu hojjadhu. Mismaara qixa uraatti tolchi, qalliftee akka keessa hin teenyes hin godhin, furdiftes akka itti hin seennes hin godhin. Ani waan isin hojjattan niin arga, waan isin hojjattan irraa wanti tokko narraa hin dhokatu, irrattiin isin mindeessa; dalagaa gaarii hojjadhaa.

⑫ Suleymaan bin Daawuudiif qilleensa ganama deemsa ji'aa, galgalas deemsa baatii deemtu ni laaffifneef. Akka sibiila irraa waan fedhe hojjatu madda sibiilaa isaaf yaafne. Jinnii irras warra dandeettii Rabbii isaatiin fuula dura isaatti hojjatan isaaf laaffifne; jinnii irraa kan hojii isa itti ajajne irraa dabe adabbii ibidda qabsiifamtuu taatee irraa isa dhandhamsiifna.

⑬ Jinnoonni kun Suleymaaniif masjida itti sagadamuufi gamoo, fakkiilee, birkaa bishaanii gurguddaafi okkotee affeellii gurguddina irraa tan hin sochoone irraa waan inni fedhe hojjataniif. Yaa maatii Daawuud! Wanta Rabbiin isiniin qananiise irratti galatoomfadhaa. Waaniin kennef irratti kan ana galatoomfatu gabroottan kiyya irraa nama xiqqoodha.

⑭ Yeroo du'a Suleymaan murteessinu ilbiisa rirmoo jedhamtu malee wanti tokkolleen du'a isaa irratti jinnii hin qajeelchine. Ulee inni itti hirkatuu ture nyaachuun yeroo inni kufu jinniin akka waan fagoo hin beekne ifa ta'e. Odoo waan fagoo beekanii adabbii salphisaa sana keessa hin taa'an ture. Adabbiin sun hojii cimaadha. Suleymaan nu'eegutti jira jechuu yaaduun hojjachuu turaniidha.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Rabbiin Nabiyyii isaa Daawuud: nabiyyummaa, mootummaan, gaaraafi shinbirroolee isaa waliin tasbiiha godhan isaa
- laaffisuufi sibiila isaa laaffisuun kabaje.
- Rabbiin Nabiyyii isaa Suleymaan nabiyyummaafi mootummaan kabaje.
- Tolli Rabbii hundi isa galatoomfatuu murteessa.
- Beekomsa waan miira namaa irraa fagoo Rabbuma qofatu kophaan ba'e waan ta'eef jinniifi wantoonni biras dandeettii fagoo irratti mul'atuu qaban wanti jedhamu bu'ura hin qabu.

لَقَدْ كَانَ لِسَبَإٍ فِي مَسْكَنِهِمْ ءَايَةٌ جَنَّتَانِ عَن يَمِينٍ وَشِمَالٍ
كُلُوا مِن رِّزْقِ رَبِّكُمْ وَاشْكُرُوا لَهُ بَلْدَةٌ طَيِّبَةٌ وَرَبٌّ غَفُورٌ
﴿١٥﴾ فَأَعْرَضُوا فَأَرْسَلْنَا عَلَيْهِمْ سَيْلَ الْعَرِمِ وَبَدَّلْنَاهُم بِجَنَّتَيْهِمْ
جَنَّتَيْنِ ذَوَاتَيْ أُكُلٍ خَمْطٍ وَأَثْلٍ وَشَيْءٍ مِّن سِدْرٍ قَلِيلٍ
﴿١٦﴾ ذَٰلِكَ جَزَيْنَاهُم بِمَا كَفَرُوا وَهَلْ نُجَازِي إِلَّا الْكَفُورَ ﴿١٧﴾
وَجَعَلْنَا بَيْنَهُمْ وَبَيْنَ الْقُرَى الَّتِي بَارَكْنَا فِيهَا قُرًى ظَاهِرَةً
وَقَدَّرْنَا فِيهَا السَّيْرَ سِيرُوا فِيهَا لَيَالِيَ وَأَيَّامًا ءَامِنِينَ ﴿١٨﴾
فَقَالُوا رَبَّنَا بَاعِدْ بَيْنَ أَسْفَارِنَا وَظَلَمُوا أَنفُسَهُمْ فَجَعَلْنَاهُمْ
أَحَادِيثَ وَمَزَّقْنَاهُمْ كُلَّ مُمَزَّقٍ إِنَّ فِي ذَٰلِكَ لَآيَاتٍ لِّكُلِّ صَبَّارٍ
شَكُورٍ ﴿١٩﴾ وَلَقَدْ صَدَّقَ عَلَيْهِمْ إِبْلِيسُ ظَنَّهُ فَاتَّبَعُوهُ إِلَّا
فَرِيقًا مِّنَ الْمُؤْمِنِينَ ﴿٢٠﴾ وَمَا كَانَ لَهُ عَلَيْهِم مِّن سُلْطَانٍ
إِلَّا لِنَعْلَمَ مَن يُؤْمِنُ بِالْآخِرَةِ مِمَّنْ هُوَ مِنْهَا فِي شَكٍّ
وَرَبُّكَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ حَفِيظٌ ﴿٢١﴾ قُلِ ادْعُوا الَّذِينَ زَعَمْتُم مِّن
دُونِ اللَّهِ لَا يَمْلِكُونَ مِثْقَالَ ذَرَّةٍ فِي السَّمَاوَاتِ وَلَا فِي
الْأَرْضِ وَمَا لَهُمْ فِيهِمَا مِن شِرْكٍ وَمَا لَهُ مِنْهُم مِّن ظَهِيرٍ ﴿٢٢﴾

Rabbiin yeroo waan Daawuudiifi ilma isaa Suleymaan irratti tola oole dubbate waan jiraattota Saba'i irratti tola ooles hime. Garuu Daawuudiifi Suleymaan Rabbiin galateeffatan. Jiraattonni Saba'i immoo isatti kafaran jedhe:

⑮ Dhugumatti gosa Saba'iif iddoo jireenya isanii keessatti mallattooleen mul'atoo ta'an kan dandeettiifi isaan irratti tola ooluu Rabbii argisiisu ta'eera. Isheenis oyruu lama: takka gara mirgaatiin, taan immoo gara bitaatiin jirti. Kennaa Rabbii keessanii irraa nyaadhaa, tola isaa irratti isa galatomfadhaa. Biyyi kun biyya gaariidha. Rbbiinis Gooftaa arraaramaa, nama tawbateef balleessaa araaramuudha.

⑯ Sana booda Rabbiin galatoomfatanii ergamootatti amanuu irraa garagallaan, tola Rabbii waan balatti jijjiiraniif isaan adabne. Kanaafuu galaana haroo isaanii onsee iddoo qonna isaanii balleessu itti ergine. Bakka oyruu isaanii lamaan sanaa oyru lama tan midhaan hadhaawu godhattutti jijjiirref. Mukni gaattiraa kan firii hin godhanneefi qurquraan muraasni keessa jira.

⑰ Tola keessa turan jijjiiruun kun waan isaan kafaranii galateeffatuu irraa garagalaniifi. Adabbii cimaa kana nama tola Rabbii mormaa, akkaan kafaraa ta'ee malee hin adabnu.

⑱ Jiraattota Saba'i kan Yaman keessa jiraataniifi gandoota Shaam kan barakaa keessatti buufne jiddutt ganda walitti dhidhihaatu godhuun rakkoo malee ganda irraa gandatti hanga Shaam gayanitti adeemuu mijjeessine. Halkaniifi guyyaa irraa kanuma feetan diina, beelaafi dheebuu irraa nagaya ta'aa deemaa jenneen.

⑲ Tola Rabbiin fageenya dhiheessuun isaanitti oole itti boonanii akkana jedhan: Akka dadhabbii dhandhamnee sadarkaan geejjiba keenyaa mul'attuuf gandoota kana jidduu kaasuun imala keenya adda fageessi. Tola Rabbiin itti oletti boonuu, isa galateeffatuu irraa garagaluufi hiyyeessa isaan irraa tahe waanyuun/hassaduun lubbuu isaanii miidhan. Kanaafuu haasa'a namni isaan booda odeessu isaan goone. Akka wal hin argine adda baasuu cimaa biyyoota keessa isaan adda babaafne. Isa dubbatame kana keessa nama akkaan obsee tola Rabbii galatomfateef gorsaatu jira.

⑳ Dhugumatti Ibliis haqa irraa isaan jallisuu yaade san isaan irratti mirkaneesse. Kanaafuu garee Mu'uminoota irraa tahan kan isa hordofuu dhabuun kajeellaa isaa hoongeessan malee kufriifi jallina keessatti isa hordofan.

㉑ Isaanii miidheessuun karaa irraa dabsuu malee Ibliisni aangoo isaaniin jallisu hin qabu. Garuu nama Aakhiratti amanu kan isheetti kafaru irraa adda baasuuf isaan jallisuu keessatti hayyama gooneef. Yaa Ergamichaa! Gooftaan kee waan hunda irratti tiksaa waan ta'eef hojii gabroottan isaa irratti mindeessa.

㉒ Yaa Ergamichaa! Mshrikoota kanaan jedhi: Akka isaan bu'aa isinii buusan yookiin rakkina isin irraa fuudhan warra Rabbii gaditti isaantu gooftoolee keenya jettan san waammadhaa. Isaan samiifi dachii keessaa hanga mixii takkallee hin qaban. Ishee keessattis Rabbii waliin hojjataa hin jiran. Rabbiin shariikaafi gargaartota irraa dureessa waan ta'eef gargaaraan Rabbiif hin taane.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Galateeffatuun tola Rabbii ni eega, mormuun immoo dhabamuuf sababa taha.
- Nageenyi tola guddaa Rabbiin gabroota Isaa irratti ooluudha.
- Iimaanni sirriin jallisuu shayxaanaa irraa dandeettii Rabbiitiin nama eega.
- Sababa shirkiifi balbala isaa kan akka taabonni mootummaa yookiin Rabbii waliin shariika ta'uu, gargaaruufi Rabbiin biratti magantaa seenuufaa balleessuun mul'ateera.

وَلَا تَنفَعُ ٱلشَّفَٰعَةُ عِندَهُۥٓ إِلَّا لِمَنۡ أَذِنَ لَهُۥۚ حَتَّىٰٓ إِذَا فُزِّعَ عَن
قُلُوبِهِمۡ قَالُواْ مَاذَا قَالَ رَبُّكُمۡۖ قَالُواْ ٱلۡحَقَّۖ وَهُوَ ٱلۡعَلِيُّ ٱلۡكَبِيرُ
٢٣ ۞قُلۡ مَن يَرۡزُقُكُم مِّنَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۖ قُلِ ٱللَّهُۖ
وَإِنَّآ أَوۡ إِيَّاكُمۡ لَعَلَىٰ هُدًى أَوۡ فِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٖ ٢٤ قُل
لَّا تُسۡـَٔلُونَ عَمَّآ أَجۡرَمۡنَا وَلَا نُسۡـَٔلُ عَمَّا تَعۡمَلُونَ ٢٥ قُلۡ
يَجۡمَعُ بَيۡنَنَا رَبُّنَا ثُمَّ يَفۡتَحُ بَيۡنَنَا بِٱلۡحَقِّ وَهُوَ ٱلۡفَتَّاحُ ٱلۡعَلِيمُ
٢٦ قُلۡ أَرُونِيَ ٱلَّذِينَ أَلۡحَقۡتُم بِهِۦ شُرَكَآءَۖ كَلَّاۚ بَلۡ هُوَ ٱللَّهُ
ٱلۡعَزِيزُ ٱلۡحَكِيمُ ٢٧ وَمَآ أَرۡسَلۡنَٰكَ إِلَّا كَآفَّةٗ لِّلنَّاسِ
بَشِيرٗا وَنَذِيرٗا وَلَٰكِنَّ أَكۡثَرَ ٱلنَّاسِ لَا يَعۡلَمُونَ ٢٨
وَيَقُولُونَ مَتَىٰ هَٰذَا ٱلۡوَعۡدُ إِن كُنتُمۡ صَٰدِقِينَ ٢٩
قُل لَّكُم مِّيعَادُ يَوۡمٖ لَّا تَسۡتَـٔۡخِرُونَ عَنۡهُ سَاعَةٗ وَلَا تَسۡتَقۡدِمُونَ
٣٠ وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ لَن نُّؤۡمِنَ بِهَٰذَا ٱلۡقُرۡءَانِ وَلَا
بِٱلَّذِي بَيۡنَ يَدَيۡهِۗ وَلَوۡ تَرَىٰٓ إِذِ ٱلظَّٰلِمُونَ مَوۡقُوفُونَ عِندَ
رَبِّهِمۡ يَرۡجِعُ بَعۡضُهُمۡ إِلَىٰ بَعۡضٍ ٱلۡقَوۡلَ يَقُولُ ٱلَّذِينَ
ٱسۡتُضۡعِفُواْ لِلَّذِينَ ٱسۡتَكۡبَرُواْ لَوۡلَآ أَنتُمۡ لَكُنَّا مُؤۡمِنِينَ ٣١

الحِزْبُ ٤٤

㉓ Magantaan/manguddummaan nama Rabbiin hayyama isaaf godhe malee hin fayyadu. Rabbiin nama jaallateef malee manguddummaa hin hayyamu. Guddina isaa irraa yeroo inni samii olii dubbate malaykaan jecha isaatiif gad of qabuu irraa kanka’e koochoo/goblaa ishee waliin dhoofti. Yeroo rifaatuun irraa fuudhame malaykonni ‘Rabbiin keessan maal jedhe?’ Jibriiliin jetti. Jibriilis Rabbiin haqa jedhe, inni ol tahaa wanti hunduu isaa gadi ta’eedha jedhaan.

㉔ Yaa Ergamichaa! Mushrikoota kanaan: samii irraa rooba buusee dachii irraa fuduraa, midhaaniifi asheeta magarsee eenyu isin nyaachisa? Jedhiin. Rabbiitu ishee irraa isin nyaachisa. Yaa mushrikootaa! Nuti yookiin isin keessaa tokko qajeelloo irra jira. Kuun immoo jallina irra jira jedhiin. Warri qajeelloo irra jiran Mu’uminoota ta’uun kan jallina irra jiran kaafiroota akka tahan shakkii hin qabu.

㉕ Yaa Ergamichaa! Guyyaa Qiyaamaa badii nuti hojjannef isin hin gaafatamtan. Nutis waan isin dalagaa turtan irraa hin gaafatamnu jedhiin.

㉖ Ammas isaniin jedhi: Rabbiin Guyyaa Qiyaamaa nuufi isin walitti qabee jidduu keenyaafi keessan haqaan waan murteessuu jiruuf kan dhugaa irra jiru kan dhara irra jiru irraa adda baasa. Inni murteessaa haqaan murteessu kan waan isa murteessu beeku.

㉗ Yaa Ergamichaa! Jedhi: warra Rabbiif ibaadaa keessatti shariika gootan natti argisiisaa? Dubbiin akka isin shariika qabaa fakeessitan sanii miti. Dhugumatti inni Allaaha injifataa wanti tokko isa hin moone sani. Uumuu, murteessuufi tajaajiluu keessatis ogeessa.

㉘ Yaa Ergamichaa! Warra sodaa Rabbii qabu jannataan gammachiisaa, warra kufriifi badii ibidda irraa sodaachisaa goonee malee sin ergine. Garuu irra guddaan namaa kana hin beekaniif malee odoo beekanii si hin sobsiisanm.

㉙ Mushrikoonni adabbii ittiin sodaachifaman san tursiifatanii akkana jedhan: wanta dhugaa ta’uu isaa himtan keessatti yoo dhugaa dubbattan adabni nuun sodaachiftan sun yoomi?

㉚ Yaa Ergamichaa! Warra adabbii tursiifatan kanaan jedhi: beellamni guyyaa murteeffamee kan dura yeroo takka hin darbine, boodas yeroo takka hin aanne isiniif tahaadha. Guyyaan kun guyyaa Qiyaamaati.

㉛ Warri Rabitti kafaran ni jedhan: Qur’aana Muhammad narratti buufame jedhu sanitti hin amannu. Kitaabota samii irraa buufaman kan darban sanittis hin amannu. Yaa Ergamichaa! Yeroo miidhaa raawwattoonni Rabbii isaanii biratti qormaataaf hidhamanii dubbii wal afaan deddeebisan san odoo argitee. Hunduu itti gaafatamummaafi komii kaan irratti deebisa; hordoftoonni roorrifaman gurguddoo isaan addunyaa keessatti roorrisaa turan saniin: odoo isin nu jallisuu baattanii Rabbiifi ergamoota isaattis ni amanna turre jechuun komatu.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Akka diddaafi of tuulummatti hin dheessine, isa waammatamu suuta suutaan itti dhihaachuutu barbaachisa.
- Namni qajeelloo irra jiru qajeelloon ol taha. Namni jallina keessa jiru immoo isa keessa lixaafi tuffatamaadha.
- Ergaan Nabiyyichaa nama hunda walgayaadha. Jinnis akkasuma.

قَالَ ٱلَّذِينَ ٱسۡتَكۡبَرُواْ لِلَّذِينَ ٱسۡتُضۡعِفُوٓاْ أَنَحۡنُ صَدَدۡنَٰكُمۡ
عَنِ ٱلۡهُدَىٰ بَعۡدَ إِذۡ جَآءَكُمۖ بَلۡ كُنتُم مُّجۡرِمِينَ ٣٢ وَقَالَ ٱلَّذِينَ
ٱسۡتُضۡعِفُواْ لِلَّذِينَ ٱسۡتَكۡبَرُواْ بَلۡ مَكۡرُ ٱلَّيۡلِ وَٱلنَّهَارِ إِذۡ
تَأۡمُرُونَنَآ أَن نَّكۡفُرَ بِٱللَّهِ وَنَجۡعَلَ لَهُۥٓ أَندَادٗاۚ وَأَسَرُّواْ ٱلنَّدَامَةَ
لَمَّا رَأَوُاْ ٱلۡعَذَابَۚ وَجَعَلۡنَا ٱلۡأَغۡلَٰلَ فِيٓ أَعۡنَاقِ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْۖ
هَلۡ يُجۡزَوۡنَ إِلَّا مَا كَانُواْ يَعۡمَلُونَ ٣٣ وَمَآ أَرۡسَلۡنَا فِي قَرۡيَةٖ
مِّن نَّذِيرٍ إِلَّا قَالَ مُتۡرَفُوهَآ إِنَّا بِمَآ أُرۡسِلۡتُم بِهِۦ كَٰفِرُونَ ٣٤
وَقَالُواْ نَحۡنُ أَكۡثَرُ أَمۡوَٰلٗا وَأَوۡلَٰدٗا وَمَا نَحۡنُ بِمُعَذَّبِينَ ٣٥
قُلۡ إِنَّ رَبِّي يَبۡسُطُ ٱلرِّزۡقَ لِمَن يَشَآءُ وَيَقۡدِرُ وَلَٰكِنَّ أَكۡثَرَ
ٱلنَّاسِ لَا يَعۡلَمُونَ ٣٦ وَمَآ أَمۡوَٰلُكُمۡ وَلَآ أَوۡلَٰدُكُم بِٱلَّتِي تُقَرِّبُكُمۡ
عِندَنَا زُلۡفَىٰٓ إِلَّا مَنۡ ءَامَنَ وَعَمِلَ صَٰلِحٗا فَأُوْلَٰٓئِكَ لَهُمۡ جَزَآءُ
ٱلضِّعۡفِ بِمَا عَمِلُواْ وَهُمۡ فِي ٱلۡغُرُفَٰتِ ءَامِنُونَ ٣٧ وَٱلَّذِينَ
يَسۡعَوۡنَ فِيٓ ءَايَٰتِنَا مُعَٰجِزِينَ أُوْلَٰٓئِكَ فِي ٱلۡعَذَابِ مُحۡضَرُونَ ٣٨
قُلۡ إِنَّ رَبِّي يَبۡسُطُ ٱلرِّزۡقَ لِمَن يَشَآءُ مِنۡ عِبَادِهِۦ وَيَقۡدِرُ لَهُۥۚ
وَمَآ أَنفَقۡتُم مِّن شَيۡءٖ فَهُوَ يُخۡلِفُهُۥۖ وَهُوَ خَيۡرُ ٱلرَّٰزِقِينَ ٣٩

㉜ Hordofamtoonni haqa irraa boonan hordoftoota roorrisaa turan saniin: Dhugaa Muhammad isinittiin dhufe nutu irraa isin dhorgee?! Lakkii ofumaaf midhaa raawwattoota, warra yakkaafi badii taatan jedhaniin.

㉝ Hordoftoonni dura bu’oonni isaanii isaan roorrise dura bu’oota haqa irraa boonan saniin ni jedhan: gaafa Rabbitti kafaruuttiifi uumamtoota isaa gaditti gabbaruutti nu ajajjan san mala isin halkaniifi guyyaa nutti baaftantu qajeelloo irraa nu dhorge. Yeroo adabbii arganii adabamoo ta’uu isaanii of beekan kafaruu Addunyaa keessatti dalagaa turan san irratti sheena’uu/gaabbuu dhokfatu. Hidhaa morma kaafirootaa keessatti goona. Waan Rabbiin malee jiru addunyaa keessatti gabbaruufi yakka hojjachuu isaaniitiif galata kana mindeeffaman. Yeroo Ergamaa isa kijibsiisan Rabbiin isa jabeessuuf: sobsiisuun aadaa ummata isaan duraa akka ta’e yaadachiisee akkana jedhe:

㉞ Ganda gandoota irraa ta’e keessa ergamaa adabbii Rabbii isaan dinniinu ergineetuma warri qananii’oon ishee keessa jiru kan aangoo, sadarkaafi qabeenya qaban: yaa ergamoota waan isin ergamtaniin nuti itti kafaroodha jedhan malee hin hafan.

㉟ Warri qabeenyaa kun boonanii dhaadatuun akkana jedhan: nuti horiifi ilmaaniis baay’ee qabna, ni adabamtaniin isin jettan soba; nuti addunyaafi aakhiraa keessattis hin adabamnu.

㊱ Yaa Ergamichaa! Warra tola kennamaniin gowwoomfaman kanaan jedhi: Rabbiin nama fedhe galatomfatuufi kafaruu isaa mokkoruuf kennaa bal’isa. Nama fedhe immoo obsuufi jibbuu isaa ilaaluuf kennaa itti dhiphisa. Garuu irra guddaan namaa Rabbiin akka ogeessa, dubbii hunda iccitii cimaaf namni beekkes beekee kan wallaales wallaaleef malee hin murteessine tahuu hin beekan.

㊲ Qabeenyaafi ilmaan isin ittiin dhaadattan gara jaalala Rabbii isin hin harkiftu. Garuu nama Rabbitti amanee dalagaa gaggaarii hojjate mindaa dachaa ta’e walitti qabate waan ta’eef horiin karaa Rabbii keessatti kennatuun isa ni dhiheessiti, ilmaanis isaa kadhatuun gara Rabbitti isa ni dhiheessu. Mu’uminoota toltuu hojjatan kana toltuu isan hojjataniif mindaan dachaan isaaniif tahaadha. Isaan saadarkaa jannataa irraa tan ol aantu keessatti wanta soodaatan kan akka adabbii, du’aafi tolli Rabbii irraa dhaabbatuu hunda irraa nagaya tahoodha.

㊳ Kaafiroonni kaayyoo isaanii mirkaneeffachuuf keeyyattoota keenya irraa namoota dachaasuuf tattaaffii dhumaa kennuun hojjatan, Addunyaatti hoonga’oodha, Aakhiraatti immoo adabamoodha.

㊴ Yaa Ergamichaa! Jedhi: Gooftaan kiyya gabroottan isaa irraa nama fedhe kennaa ni bal’isaafi. Isaan irraa namoota fedhe irratti immoo ni dhiphisa. Qabeenya irraa waan karaa Rabbiitiif kennitan addunyyatti waan isa irra caalu bakka buusee isiniif kennuun akhiratti mindaa hedduu kennuun bakka isiniif buusa. Rabbiin irra caalaa warra mideessuuti waan ta’eef namni kennaa barbaade isumatti haa hirkatuu.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Hordoftootaafi hordofamtoonni gariin isaanii garii irraa qulqullaa’uun itti gaafatamummaa jalaa isaan hin baasu.
- Badhaadhuun haqaaf gadi godhatuu irraa nama fageessa.
- Mu’umina horiifi ilmaan isaatis ni fayyada. Kaafirri immoo lamaanittuu hin fayyadamu.
- Karaa Rabbiitiif kennuun Addddunyaa keessatti horii san bakka buusee Aakiratti mindaa bareedaa bakka buusutti nama geessa.

وَيَوۡمَ يَحۡشُرُهُمۡ جَمِيعٗا ثُمَّ يَقُولُ لِلۡمَلَٰٓئِكَةِ أَهَٰٓؤُلَآءِ إِيَّاكُمۡ كَانُواْ
يَعۡبُدُونَ ٤٠ قَالُواْ سُبۡحَٰنَكَ أَنتَ وَلِيُّنَا مِن دُونِهِمۖ بَلۡ كَانُواْ
يَعۡبُدُونَ ٱلۡجِنَّۖ أَكۡثَرُهُم بِهِم مُّؤۡمِنُونَ ٤١ فَٱلۡيَوۡمَ لَا يَمۡلِكُ
بَعۡضُكُمۡ لِبَعۡضٖ نَّفۡعٗا وَلَا ضَرّٗا وَنَقُولُ لِلَّذِينَ ظَلَمُواْ ذُوقُواْ عَذَابَ
ٱلنَّارِ ٱلَّتِي كُنتُم بِهَا تُكَذِّبُونَ ٤٢ وَإِذَا تُتۡلَىٰ عَلَيۡهِمۡ ءَايَٰتُنَا بَيِّنَٰتٖ
قَالُواْ مَا هَٰذَآ إِلَّا رَجُلٞ يُرِيدُ أَن يَصُدَّكُمۡ عَمَّا كَانَ يَعۡبُدُ ءَابَآؤُكُمۡ
وَقَالُواْ مَا هَٰذَآ إِلَّآ إِفۡكٞ مُّفۡتَرٗىۚ وَقَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ لِلۡحَقِّ لَمَّا
جَآءَهُمۡ إِنۡ هَٰذَآ إِلَّا سِحۡرٞ مُّبِينٞ ٤٣ وَمَآ ءَاتَيۡنَٰهُم مِّن كُتُبٖ
يَدۡرُسُونَهَاۖ وَمَآ أَرۡسَلۡنَآ إِلَيۡهِمۡ قَبۡلَكَ مِن نَّذِيرٖ ٤٤ وَكَذَّبَ
ٱلَّذِينَ مِن قَبۡلِهِمۡ وَمَا بَلَغُواْ مِعۡشَارَ مَآ ءَاتَيۡنَٰهُمۡ فَكَذَّبُواْ
رُسُلِيۖ فَكَيۡفَ كَانَ نَكِيرِ ٤٥ ۞ قُلۡ إِنَّمَآ أَعِظُكُم بِوَٰحِدَةٍۖ أَن
تَقُومُواْ لِلَّهِ مَثۡنَىٰ وَفُرَٰدَىٰ ثُمَّ تَتَفَكَّرُواْۚ مَا بِصَاحِبِكُم مِّن
جِنَّةٍۚ إِنۡ هُوَ إِلَّا نَذِيرٞ لَّكُم بَيۡنَ يَدَيۡ عَذَابٖ شَدِيدٖ ٤٦ قُلۡ
مَا سَأَلۡتُكُم مِّنۡ أَجۡرٖ فَهُوَ لَكُمۡۖ إِنۡ أَجۡرِيَ إِلَّا عَلَى ٱللَّهِۖ وَهُوَ عَلَىٰ
كُلِّ شَيۡءٖ شَهِيدٞ ٤٧ قُلۡ إِنَّ رَبِّي يَقۡذِفُ بِٱلۡحَقِّ عَلَّٰمُ ٱلۡغُيُوبِ ٤٨

ربع الحزب ٤٤

㊵ Yaa Ergamichaa! Guyyaa Rabbiin isaan hunda walitti qabee mushrikoota mataa keessa gadi rukutuuf malaykotaan: Mushrikoonni kun Rabbii gaditti jiruu addunyaa keessatti isin gabbaruu turanii jechuu gaafatu san yaadadhu.
㊶ Maleykonni Rabbiin akkana jedhan: Ati qulqulloofte! Sumaatu tiksaa keenya, isaaniifi nu jidduu jaalalti hin jirtu. Dhugumatti Mushrikoonni kun shayxaanoota gabbaruu turan. Malaykota of fakkeessuun waan itti dhufaniif Rabbii gaditti isaan gabbaran. Irra hedduun isaanitti amanoodha.
㊷ Guyyaa kaafamanii qormaataman gabbaramtoonni warra Addunyaa keessatti isaan gabbaruu turaniif bu'aa hin buusan, isaanis rakkisuu hin dandayan. Warra Addunyaa keessatti kufriifi yakkaan lubbuu isaanii miidhaniin: adaba ibiddaa kan Addunyaa keessatti sobsiisuu turtan dhandhamaa jennaan.
㊸ Mushrikoota kana irratti keeyyattoonni keenya adda baafamtuu taatee yeroo isaan irratti qar'amte ni jedhu: gurbaan keeyyattoota kanaan dhufe namuma waan abboonni keessan irra ture irraa isin garagalchuuf deemu malee hin taane. Ammas Qur'aanni kun kijiba inni Rabbirratti uume malee waan biraa hin taane jedhu. Warri Rabbitti kafare yeroo Qur'aanni Rabbiin biraa isaanitti dhufu: Inni kun waan niitiifi dhiirsa adda baasuuf, ilmaafi abbaas akkasuma waan adda adda baasuuf falfala ifa bahaa malee hin taane.
㊹ Kitaabota dubbisan kan Qur'anni soba Muhammad uumatte ta'utti isaan qajeelchu isaaniif hin kennine. Yaa Ergamichaa! Odoo si hin ergin dura ergamaa adabbi Rabbii irraa isaan sodaachisu tokkollee isaanitti hin ergine.
㊺ Umanni darban kan akka Aad, Samuudiifi ummanni Luuxis kijibsiisaniiru. Mushrikoonni ummata keetii kun jabina, roorroo dhorgachuu, qabeenyaafi lakkoofsa ummanni dabarte irra geesse irraa harka kudhanuu hin geenye. Hundi isaanii ergamaa isaa sobsiiseera. Qabeenya, humnaafi lakkoofsa irraa wanti isan kennaman isaan hin fayyanne adabbiin kiyya itti bu'eera. Yaa Ergamichaa! Isaan irratti diduufi adabni kiyya akkam akka ta'e laali.
㊻ Yaa Ergamichaa! Mushrikoota kijibsiisan kanaan jedhi: waantiin isinitti argisiisu waanuma tokko qofa. Innis fedhii lubbuu irraa duwwaa taatanii nama lama lamaan yookiin kophattis Rabbiif dhaabbachuudha. Ergasii haalaafi amala Nabiyyicha keessanii irraa kan akka sammuu, dhugaa dubbatuufi amaanaa jabeessuu isaa irraa wanta beektan xiinxaltanii akka maraatuun isatti hin jirre adda baafatuudha. Inni adaba cimaa yoo isin isatti waan biroo qixxeessuu irraa tawbatuu baattan isin qabuuf jiru dura bu'ee isinii dinniinuudha.
㊼ Yaa Ergamichaa! Mshrikoota kanaan jedhi: Qajeelloofi toltuu irraa waaniin isinittiin dhufe kana irratti mindaa irraa wantiin isin gaafadhe yoo jiraate isinumaafi. Ani mindaan kiyya Rabbuma qofa irratti malee hin taane. Inni waan hunda irratti mul'ataa waan ta'eef ani isinitti geessuu irrattiifi dalagaa keessan irrattis ragaadha. Rabbiin ishee irratti isin mindeessa. Rabbiin yeroo warra dharaafi shirkii irratti ragaa ibse, sun aaddaa isaa ta'uu ibsuuf akkana jedhe:
㊽ Yaa Ergammaa! Dhugumatti Gooftaan kiyya dhugaa dhara irratti ol taasisuun dhara barbadeessa. Inni wantoota fagoo akkaan beekaadha. Samiifi dachii keessatti homaa isa hin dhokatu. Hojiin gabroota isaas isa hin dhokattu.

۞ **Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:**

- ●Jaamummaan abbootii hordofuun qajeelloo irraa nama garagalcha.
- ●Fedhii lubbuu irraa bilisa ta'anii xiinxaluun sababa karaafi ilaalcha sirrii ta'etti gayuuti.
- ●Namni gara Rabbitti waamu Gooftaa nama uume irraa malee ummata irraa mindaa hin eeggatu .



قُلْ جَآءَ ٱلْحَقُّ وَمَا يُبْدِئُ ٱلْبَٰطِلُ وَمَا يُعِيدُ ﴿٤٩﴾ قُلْ إِن ضَلَلْتُ
فَإِنَّمَآ أَضِلُّ عَلَىٰ نَفْسِى ۖ وَإِنِ ٱهْتَدَيْتُ فَبِمَا يُوحِىٓ إِلَىَّ رَبِّىٓ ۚ إِنَّهُۥ
سَمِيعٌ قَرِيبٌ ﴿٥٠﴾ وَلَوْ تَرَىٰٓ إِذْ فَزِعُوا۟ فَلَا فَوْتَ وَأُخِذُوا۟ مِن
مَّكَانٍ قَرِيبٍ ﴿٥١﴾ وَقَالُوٓا۟ ءَامَنَّا بِهِۦ وَأَنَّىٰ لَهُمُ ٱلتَّنَاوُشُ مِن
مَّكَانٍۭ بَعِيدٍ ﴿٥٢﴾ وَقَدْ كَفَرُوا۟ بِهِۦ مِن قَبْلُ ۖ وَيَقْذِفُونَ
بِٱلْغَيْبِ مِن مَّكَانٍۭ بَعِيدٍ ﴿٥٣﴾ وَحِيلَ بَيْنَهُمْ وَبَيْنَ مَا يَشْتَهُونَ
كَمَا فُعِلَ بِأَشْيَاعِهِم مِّن قَبْلُ ۚ إِنَّهُمْ كَانُوا۟ فِى شَكٍّۭ مُّرِيبٍۭ ﴿٥٤﴾

ترتيبها ٣٥ سُورَةُ فَاطِرٍ آياتها ٤٥

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

ٱلْحَمْدُ لِلَّهِ فَاطِرِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضِ جَاعِلِ ٱلْمَلَٰٓئِكَةِ رُسُلًا أُو۟لِىٓ
أَجْنِحَةٍ مَّثْنَىٰ وَثُلَٰثَ وَرُبَٰعَ ۚ يَزِيدُ فِى ٱلْخَلْقِ مَا يَشَآءُ ۚ إِنَّ ٱللَّهَ عَلَىٰ
كُلِّ شَىْءٍ قَدِيرٌ ﴿١﴾ مَّا يَفْتَحِ ٱللَّهُ لِلنَّاسِ مِن رَّحْمَةٍ فَلَا مُمْسِكَ لَهَا ۖ
وَمَا يُمْسِكْ فَلَا مُرْسِلَ لَهُۥ مِنۢ بَعْدِهِۦ ۚ وَهُوَ ٱلْعَزِيزُ ٱلْحَكِيمُ ﴿٢﴾
يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ ٱذْكُرُوا۟ نِعْمَتَ ٱللَّهِ عَلَيْكُمْ ۚ هَلْ مِنْ خَٰلِقٍ غَيْرُ ٱللَّهِ
يَرْزُقُكُم مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلْأَرْضِ ۚ لَآ إِلَٰهَ إِلَّا هُوَ ۖ فَأَنَّىٰ تُؤْفَكُونَ ﴿٣﴾

㊾ Yaa Ergamichaa! Mushrikoota kijibsiisan kanaan: islaamummaan dhugaa tahe sun dhufe. Dharri faantiifi humni tokkolleen isaaf hin jirre sun deeme, hin deebi'u jedhiin.

㊿ Yaa Ergamichaa! Mushrikoota kijibsiisan kanaan: Ani waaniin isinitti geessu keessatti yoon haqa irraa jalladhe rakkinni jallatuu kiyyaa anuma qofa irratti oola, gara keessanitti hin gayu. Yoon gara dhugaatti qajeeles sababa Rabbiin gara kiyyatti wahyii godheefi. Inni jechoota gabroota isaa dhagayaadha. Dhiyoo waan ta'eef wantaan ani jedhu dhagayuun isatti hin ulfaatu jedhiin.

(51) Yaa Ergamichaa! Yeroo isaan sobsiisan kun guyyaa Qiyaamaa adaba arguun rifatan, odoo argtee waan nama dinqisiisu argita. Isa duraa bakka itti dheessan hin qaban. Bakka dhiyoo, dhaqqabuun laaftuu taate irraa qabamu.

(52) Yeroo bakka itt deeman argan: Guyyaa Qiyaamaatti amanne jedhu. Odoo bakki iimaana irraa fudhatan biyya addunyaa kan hojjatuu malee mindaan hin jirree irraa gara Aakhiraa kan biyya mindaa malee hujiin hin jirretti bahuun irraa fagaatee jiruu iimaana barbaaduun akkamitt isaaniif taha?

(53) Odoo Addunyatti itti kafaranii jiranuu, iimaanni akkamitti isaan irraa argamuun qeebalama? Yaadaan kallattii haqatti qajeeluu irraa fagootti darbatuun Ergamaan: falfalaadha, raagduudha, wallisaadha jedhu. ?

(54) Kaafiroonni fedhii jiruu addunyaa irraa wanta barbaadanitti gayuu, kufrii irraa tawbatuu, ibidda duraa nagaya bahuufi jiruu addunyaatti deebi'uun akka ummata isaaniin dura kijibsiisetti hojjatame, isaaniifis dhorgamdha. Isaan waan ergamoonni dhufaniin kan akka tawhiidaafi kaafamuutti amanuu irraa shakkii kufriitti nama kakaasu keessa jiran.

BOQANNAA FAAXIR

- Isheen Makkatti buute -

Kaayyoo Suurattii:

dandeettii Rabbiifi uumaa bareechuu isaa waan nama argisiisu, isa guddisuu, sodaatuu, itti amanuufi tola isaa yaadatuu irratti wanta nama kaasuu fiduudha.

Ibsa suurattii:

① Faaruun hundi kan Rabbii fakkeenya darbeen maletti samiifi dachii uumeeti. Isa Malaykota irraas ergamoota ajaja Isaa kan qadaraa raawwatan godheef. Isaan irraa warra nabiyyootatti wahyii fidan godhe, wanta irratti amanaman bakkaan gayuu irratti isaan gadi jabeesse. Isaan irraa kan koochoo/goblaa lama, sadiifi afuris qabu ni jira. Waan itti ajajame raawwatuuf koochoon barara. Rabbiin humna yookiin bareedumina yookiin sagalee irraa wanta fedhe dabala. Dhugumatti waan hunda irratti dandayaa, humaa isa hin dadhabsiifneedha.

② Furtuun waan hundaa harka Rabbii keessa jira waan ta'eef soorata, qajeelloofi milkii irraa wan inni kenne namuu isa dhorguu hin dandayu. Wanta sana irraa kan inni qabates erga inni isa qabatee namni tokkolleen isa erguu hin dadayu. Inni injifataa namuu isa moohuu hin dandeenye, uumuu, murteessuufi tajaajiluu isaa keessattis ogeessa.

③ Yaa namootaa! Tola Rabbiin isinitti oole qalbiifi arrabaan, humna teessaniin hojjatuun isa galatoomfadhaa. Inni uumu kan samii irraa rooba buusuun, dachii irraa margaafi biqiltuu adda addaa magarsuun, isin sooru Rabbiin malee ni jiraa? Dhugaan gabbaramaan isa malee hin jiru waan ta'eef akkamitti kana booda dhugaa irraa garagalfamtan, Rabbiin irraatti kijiba uumtanii Rabbiin shariika qaba jettan? Inni isa uumee isin sooree mitii?

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Guyyaa Qiyaamaa rifaatuun kaafiraa guddaadha.
- Bakki iimaanni itti nama fayyadu iddoo hujii waan taateef addunyaa keessatti.
- Uumaan maleykotaa guddaa ta'uun guddina Rabbii argisiisa.

وَإِن يُكَذِّبُوكَ فَقَدۡ كُذِّبَتۡ رُسُلٞ مِّن قَبۡلِكَۚ وَإِلَى ٱللَّهِ تُرۡجَعُ ٱلۡأُمُورُ
٤ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ إِنَّ وَعۡدَ ٱللَّهِ حَقّٞۖ فَلَا تَغُرَّنَّكُمُ ٱلۡحَيَوٰةُ ٱلدُّنۡيَا
وَلَا يَغُرَّنَّكُم بِٱللَّهِ ٱلۡغَرُورُ ٥ إِنَّ ٱلشَّيۡطَٰنَ لَكُمۡ عَدُوّٞ فَٱتَّخِذُوهُ
عَدُوًّاۚ إِنَّمَا يَدۡعُواْ حِزۡبَهُۥ لِيَكُونُواْ مِنۡ أَصۡحَٰبِ ٱلسَّعِيرِ ٦ ٱلَّذِينَ
كَفَرُواْ لَهُمۡ عَذَابٞ شَدِيدٞۖ وَٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ لَهُم
مَّغۡفِرَةٞ وَأَجۡرٞ كَبِيرٌ ٧ أَفَمَن زُيِّنَ لَهُۥ سُوٓءُ عَمَلِهِۦ فَرَءَاهُ حَسَنٗاۖ فَإِنَّ
ٱللَّهَ يُضِلُّ مَن يَشَآءُ وَيَهۡدِي مَن يَشَآءُۖ فَلَا تَذۡهَبۡ نَفۡسُكَ عَلَيۡهِمۡ
حَسَرَٰتٍۚ إِنَّ ٱللَّهَ عَلِيمُۢ بِمَا يَصۡنَعُونَ ٨ وَٱللَّهُ ٱلَّذِيٓ أَرۡسَلَ
ٱلرِّيَٰحَ فَتُثِيرُ سَحَابٗا فَسُقۡنَٰهُ إِلَىٰ بَلَدٖ مَّيِّتٖ فَأَحۡيَيۡنَا بِهِ ٱلۡأَرۡضَ
بَعۡدَ مَوۡتِهَاۚ كَذَٰلِكَ ٱلنُّشُورُ ٩ مَن كَانَ يُرِيدُ ٱلۡعِزَّةَ فَلِلَّهِ ٱلۡعِزَّةُ جَمِيعًاۚ
إِلَيۡهِ يَصۡعَدُ ٱلۡكَلِمُ ٱلطَّيِّبُ وَٱلۡعَمَلُ ٱلصَّٰلِحُ يَرۡفَعُهُۥۚ وَٱلَّذِينَ
يَمۡكُرُونَ ٱلسَّيِّـَٔاتِ لَهُمۡ عَذَابٞ شَدِيدٞۖ وَمَكۡرُ أُوْلَٰٓئِكَ هُوَ يَبُورُ
١٠ وَٱللَّهُ خَلَقَكُم مِّن تُرَابٖ ثُمَّ مِن نُّطۡفَةٖ ثُمَّ جَعَلَكُمۡ أَزۡوَٰجٗاۚ
وَمَا تَحۡمِلُ مِنۡ أُنثَىٰ وَلَا تَضَعُ إِلَّا بِعِلۡمِهِۦۚ وَمَا يُعَمَّرُ مِن مُّعَمَّرٖ
وَلَا يُنقَصُ مِنۡ عُمُرِهِۦٓ إِلَّا فِي كِتَٰبٍۚ إِنَّ ذَٰلِكَ عَلَى ٱللَّهِ يَسِيرٞ ١١

④ Yaa Ergamichaa! Ummanni kee yoo si kijibsiisanis, ati jalqaba ergamaa ummanni isaa kijibsiisee waan hin tahiniif obsi. Ummanni siin duraa kan akka Aad, Samuudiifi ummata Luux faan ergamoota isaanii kijibsiisaniiru. Wantoonni hunduu gara isaati deebifamti waan ta'eef kijibsiistota baleessuun ergagamtoota isaafi muminootaaf tumsa.

⑤ Yaa namootaa! Kaafamuufi Guyyaa Qiyaamaa mindeeffamuun Rabbiin waadaa godhe dhugaa shakkiin keessa hin jirre waan ta'eef mi'aan jiruu addunyaafi fedhiin ishee hujii gaarii dalaguun guyyaa kanaaf qophaa'uu irraa isin hin gawwomsin. Dharaafi gara jiruu addunyaatti dabuu isinii miidhegsuun shayxaannis isin hin gowwomsin.

⑥ Yaa namootaa! shayxaanni isiniif diina guddaa waan ta'eef isaan loluu qabatuun diina taasifadhaa. shayxaanni hordoftoota isaa booddeen isaanii guyyaa Qiyaamaa ibidda qabsiifamtuu seenuu akka ta'uuf, gara Rabbitti kafaruutti waama.

⑦ Warri shayxaana hordofuun Rabbittii kafaran adabni jabaan isaanii qophaa'eera. Warri Rabbitti amananii dalagaa gaggaarii hojjatan, dilii isaanii araaramuufi mindaan guddaan jannata ta'e sun Rabbirraa isaaniif tahaadha.

⑧ Namni hojii isaa fokkataa shayxaanni isaa babbareechinaan bareedaa ta'uu yaade, akka nama Rabbiin haqa isaa miidhagsinaan haqa ta'uu yaadeetii miti. Dhugumatti Rabbiin nama ni jallisa kan fedhe immoo namni isa dirqu hin jiru numa qaajeelcha. Kanaafuu Yaa Ergamichaa! Jallina jallattootaa irratti yaaddoftee lubbuu kee hin balleessin. Dhugumatti Rabbiin waan isaan hojjatan beekaa waan ta'eef dalagaa isaanii irraa homaa isa hin dhokatan.

⑨ Rabbiin isa qilleensa erginaan qilleensi sun duumessa sochooftuudha. Dumeessa san gara biyya biqiltuu hin qabnee oofuun bishaan isaatiin dachii erga gogdee marga keessaa magarsinuun jiraachifna. Akkuma dachii tana du'uu ishee booda marga ishee keessa keenyeen jiraachifnu guyyaa Qiyaamaas du'aa kaasuun argamaadha.

⑩ Namni addunyaa yookiin aakhiraa keessatti jabina barbaade, Rabbirraa malee akka hin barbaanne. Jabinni isaan lamaanuu keessatti Rabbuma qofaafi. Zikriin isaa bareedaan gara Rabbiiti ol baha. Dalagaa gabrootaa gaggaariitu gara isaatti ol fuudha. Warri tooftaa hamaa kan akka Ergamaa ajjeesuuf yaaluu faa tolchan, adabaa cimaatu isaaniif jira. Malli kaafiroota sanii ni dhabama, ni badas waan ta'eef fedhii isaanii hin guutuuf.

⑪ Rabbiin isa abbaa keessan Aadam biyyee irraa uume. Ergasii copha bishaan hormaataa irraa isin uumeedha. Sana booda dhiiraafi dubartoota isin godhee wal fuutan. Rabbiin beeku malee dubartiin takkalleen ulfa godhattee hin deessu. Waan san irraa wanti tokkolleen isa hin dhokatu. Uumaa isaa irraa umriin nama tokkoo hin dabalamu, niis hin hir'atu, Lawhal mahfuuz keessatti barreeffamu malee hin hafu. Biyyee irraa isin uumuu, yeroo yerotti isin uumuufi umrii keessan Lawhal mahfuuz keessatti barreessuun dubbatame sun Rabbii irratti laaffdha.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Seenaa ergamoonni ummata isaaniitii waliin dabarsan dubbatuun Nabiyyicha jajjabeessuudha.
- Addunyaadhaan gowwomfamuun sababa dhugaa irraa garagaluuti.
- Sababoota shayxaana irraa nama tiksuuf gargaaran kan akka zikrii Rabbii, qiraatii Qu'aanaa, ibaadaa dalaguufi yakka dhiisuu fayyadamuun shayxaana diina godhatuudha.
- Sifti ol'aantummaa Rabbiif mirkanaa'eera.

وَمَا يَسْتَوِى ٱلْبَحْرَانِ هَٰذَا عَذْبٌ فُرَاتٌ سَآئِغٌ شَرَابُهُۥ وَهَٰذَا
مِلْحٌ أُجَاجٌ ۖ وَمِن كُلٍّ تَأْكُلُونَ لَحْمًا طَرِيًّا وَتَسْتَخْرِجُونَ
حِلْيَةً تَلْبَسُونَهَا ۖ وَتَرَى ٱلْفُلْكَ فِيهِ مَوَاخِرَ لِتَبْتَغُوا۟ مِن فَضْلِهِۦ
وَلَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿١٢﴾ يُولِجُ ٱلَّيْلَ فِى ٱلنَّهَارِ وَيُولِجُ
ٱلنَّهَارَ فِى ٱلَّيْلِ وَسَخَّرَ ٱلشَّمْسَ وَٱلْقَمَرَ ۖ كُلٌّ يَجْرِى
لِأَجَلٍ مُّسَمًّى ۚ ذَٰلِكُمُ ٱللَّهُ رَبُّكُمْ لَهُ ٱلْمُلْكُ ۚ وَٱلَّذِينَ
تَدْعُونَ مِن دُونِهِۦ مَا يَمْلِكُونَ مِن قِطْمِيرٍ ﴿١٣﴾ إِن
تَدْعُوهُمْ لَا يَسْمَعُوا۟ دُعَآءَكُمْ وَلَوْ سَمِعُوا۟ مَا ٱسْتَجَابُوا۟ لَكُمْ ۖ
وَيَوْمَ ٱلْقِيَٰمَةِ يَكْفُرُونَ بِشِرْكِكُمْ ۚ وَلَا يُنَبِّئُكَ مِثْلُ خَبِيرٍ
﴿١٤﴾ ۞ يَٰٓأَيُّهَا ٱلنَّاسُ أَنتُمُ ٱلْفُقَرَآءُ إِلَى ٱللَّهِ ۖ وَٱللَّهُ هُوَ ٱلْغَنِىُّ نصف الحزب ٤٤
ٱلْحَمِيدُ ﴿١٥﴾ إِن يَشَأْ يُذْهِبْكُمْ وَيَأْتِ بِخَلْقٍ جَدِيدٍ ﴿١٦﴾
وَمَا ذَٰلِكَ عَلَى ٱللَّهِ بِعَزِيزٍ ﴿١٧﴾ وَلَا تَزِرُ وَازِرَةٌ وِزْرَ أُخْرَىٰ ۚ وَإِن
تَدْعُ مُثْقَلَةٌ إِلَىٰ حِمْلِهَا لَا يُحْمَلْ مِنْهُ شَىْءٌ وَلَوْ كَانَ ذَا قُرْبَىٰٓ ۗ
إِنَّمَا تُنذِرُ ٱلَّذِينَ يَخْشَوْنَ رَبَّهُم بِٱلْغَيْبِ وَأَقَامُوا۟ ٱلصَّلَوٰةَ ۚ
وَمَن تَزَكَّىٰ فَإِنَّمَا يَتَزَكَّىٰ لِنَفْسِهِۦ ۚ وَإِلَى ٱللَّهِ ٱلْمَصِيرُ ﴿١٨﴾

⑫ Galaanni lamaan wal gitaa miti: tokkoon isaan lamaanii mi’aa cimaa mi’aawa. Waan mi’aawuuf dhuguun isaa laafaadha. Lammaffaan isaanii immoo kuraawaa, hadhaayaadha. Kuraawummaan isaa cimaa waan ta’eef dhuguuf hin mijjaa’u. Galaana dubbatame lamaan irraayyuu foon qurxummii haarawa ni nyaattan. Isaan lamaan irraa faayaafi burjaana midhaginaaf uffattan ni baafattan. Yaa nama xiinxalu! Akka daldaluun tola Rabbii ittiin barbaaddattaniif dooniilee addeemuufi achi deemuutti ishee galaana urtee keessa deemtu argita. Tola Rabbiin isin irratti oolee hedduu keessatti akka Rabbiin galateeffattaniifi.

⑬ Rabbiin halkan guyyaa keessa naqee dheerina dabalaaf. Guyyaas halkan keessa naquun dheerina dabalaaf. Biiftuufi ji’a ni laaffise. Hunduu hanga beellama murteeffame kan Rabbiin qofti beeku, guyyaa Qiyaamaa kan taheetti deemu. Inni kana hunda murteessee oofu Allaah Gooftaa keessani, mootummaan isuma qofaaf thaadha. Taabota irraa warri isin Rabbii gaditti gabbartan qixa qolola firii timiraayyuu hin qaban waan ta’eef akkamitti isaan anaa gaditti gabbartan?

⑭ Gabbaramtoota keessan yoo waammattan waaminsa keessan hin dhagayan. Isaan lubbuu dhabeeyyiidha; ruuhiifi dhageettiinis isaa keessa hin jirru. Waaminsa keessan odoo dhagayanis isiniif hin owwaatan. Isin isaan Rabbitti qindeessuufi gabbaruu irraa guyyaa Qiyaamaa qulqullaa’uuf jiru. Yaa Ergamichaa! Namni tokko kan Rabbiin irra dhugaa dubbatu kan siif himu hin jiru.

⑮ Yaa namootaa! Dhimma keessaniifi akkaataa keessan hunda keessattuu isinumaatu gara Rabbitti haajamoodha. Rabbiin dureessa homaa keessatti isinitti hin haajamne kan wanta gabroottan isaatiif murteessu keessatti addunyaafi aakhiraa keessattis faarfamaati.

⑯ Rabbiin yoo badiin lafa tana irraa isin oofuu fedhe, isin oofa. Bakka keessan uumaa haarawa isa gabbaran kan isatti homaa hin qindeessine fida.

⑰ Isin balleessuun lafa irraa isin oofee bakka keessan uumaa haarawaan dhufuun Rabbirratti dhoowwamaa miti.

⑱ Lubbuun dilooftuu taate dilii lubbu biroo tan dilooftuu taate irraa hin baadhatu. Lubbuun yakkamtuu taate hunduu yakka ishee ni baadhatti. Yoo lubbuun yakka ishee baadhachuun ulfeeffamtuu taate nama yakka ishee irraa baadhatu fira isheellee ta’u yaammattellee yakka ishee irraa wanti tokko hin baatamu. Yaa Ergamichaa! Namni ati adaba Rabbii irraa sodaachiftu warra Rabbii isaanii addunyaa irratti sodaatanii salaata karaa guutuun raawwataniidha. Isaanumaatu sodaachisuu kee sanitti fayyadamoodha. Namni yakka irraa qulqullaa’e matuma isaatiif qulqullaa’a. Rabbiin ibaadaa isaa irraa dureessa. Qormaataafi mindaaf deebiin garuma Rabbii qofatti tahaadha.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

● Galaana laaffisuun, halkaniifi guyyaa wal duukaa oofuun, biiftuufi ji’as laaffisuun tola Rabbiin nama irratti ooleedha. Garuu namni tola kana aadaa godhatuun irraa dagate.
● Mushrikoonni yeroo taabota hin dhageenye tan homaa hin beekne yaammatan sammuun isaanii gowwaadha.
● Gara Rabbitti haajamuun amala namni qabu yoo ta’u, durumti immoo sifa guutomina Rabbiiti.
● Lubbuu qulqulleessuun gara gabrichaati deebiti waan ta’eef isaatu yoo fedhe tiksa yookiin hadiyyeessa.

وَمَا يَسْتَوِي ٱلْأَعْمَىٰ وَٱلْبَصِيرُ ١٩ وَلَا ٱلظُّلُمَٰتُ وَلَا ٱلنُّورُ
٢٠ وَلَا ٱلظِّلُّ وَلَا ٱلْحَرُورُ ٢١ وَمَا يَسْتَوِي ٱلْأَحْيَآءُ وَلَا
ٱلْأَمْوَٰتُۚ إِنَّ ٱللَّهَ يُسْمِعُ مَن يَشَآءُۖ وَمَآ أَنتَ بِمُسْمِعٍ مَّن فِي
ٱلْقُبُورِ ٢٢ إِنْ أَنتَ إِلَّا نَذِيرٌ ٢٣ إِنَّآ أَرْسَلْنَٰكَ بِٱلْحَقِّ بَشِيرًا
وَنَذِيرًاۚ وَإِن مِّنْ أُمَّةٍ إِلَّا خَلَا فِيهَا نَذِيرٌ ٢٤ وَإِن يُكَذِّبُوكَ
فَقَدْ كَذَّبَ ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ جَآءَتْهُمْ رُسُلُهُم بِٱلْبَيِّنَٰتِ
وَبِٱلزُّبُرِ وَبِٱلْكِتَٰبِ ٱلْمُنِيرِ ٢٥ ثُمَّ أَخَذْتُ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْۖ
فَكَيْفَ كَانَ نَكِيرِ ٢٦ أَلَمْ تَرَ أَنَّ ٱللَّهَ أَنزَلَ مِنَ ٱلسَّمَآءِ
مَآءً فَأَخْرَجْنَا بِهِۦ ثَمَرَٰتٍ مُّخْتَلِفًا أَلْوَٰنُهَاۚ وَمِنَ ٱلْجِبَالِ
جُدَدُۢ بِيضٌ وَحُمْرٌ مُّخْتَلِفٌ أَلْوَٰنُهَا وَغَرَابِيبُ سُودٌ ٢٧
وَمِنَ ٱلنَّاسِ وَٱلدَّوَآبِّ وَٱلْأَنْعَٰمِ مُخْتَلِفٌ أَلْوَٰنُهُۥ كَذَٰلِكَۗ
إِنَّمَا يَخْشَى ٱللَّهَ مِنْ عِبَادِهِ ٱلْعُلَمَٰٓؤُاْۗ إِنَّ ٱللَّهَ عَزِيزٌ غَفُورٌ ٢٨
إِنَّ ٱلَّذِينَ يَتْلُونَ كِتَٰبَ ٱللَّهِ وَأَقَامُواْ ٱلصَّلَوٰةَ وَأَنفَقُواْ مِمَّا
رَزَقْنَٰهُمْ سِرًّا وَعَلَانِيَةً يَرْجُونَ تِجَٰرَةً لَّن تَبُورَ ٢٩ لِيُوَفِّيَهُمْ
أُجُورَهُمْ وَيَزِيدَهُم مِّن فَضْلِهِۦٓۚ إِنَّهُۥ غَفُورٌ شَكُورٌ ٣٠

⑲ Akkuma namni ballaafi kan ijaan argu wal hin qixxaanne sadarkaa keessatti mu'uminaafi kaafirri wal hin gitu.

⑳ Akkuma dukkanaafi ifni wal hin qixxaanne kufriifi iimaanni wal hin qixxaatu.

㉑ Akkuma gaaddisaafi qilleensi ho'aan wal hin qixxaanne jannataafi ibiddis wal hin gitu.

㉒ Akkuma jiraafi du'aan wal hin qixxoofne Mu'uminootaafi kaafiroonni wal qixaa miti. Rabbiin nama qajeelchuu fedhe ni dhageessisa. Yaa Ergamichaa! Ati kaafiroota akka du'aa awwala keessa jiruu fakkaatu kana hin dhageessiftu.

㉓ Ati isaan adabbii Rabbii irraa dinniinaa malee hin taane.

㉔ Yaa Ergamichaa! Dhugaa shakkiin keessa hin jirreen si ergine. Mindaa bareedaa Rabbiin isaanii qopheesseen mu'uminoota gammachiisaa, adaba laaleessaa isaanii qophaa'een kaafiroota sodaachisaa goonee si ergine. Ummata ummattoota darban irraa ta'e ergamaan adaba Rabbiin biraa ta'e dinniinu itti dhufu malee hin taane.

㉕ Yaa Ergamichaa! Ati jalqaba ergamaa ummanni isaa sobsiisee waan hin ta'iniif yoo ummanni kee si sobsiises obsi. Ummanni ummata kana dura darban kan akka Aad, Samuudiifi ummata Luux ergamoota isaan sobsiisuu turan. Ragaa ifa galaa dhugummaa isaanii irratti qajeelchuun, waraqootaafi kitaabota nama isa xiinxaleef dhugaa ibsuun itti dhufnaan kijibsiisan.

㉖ Kanumaa wliin Rabbiifi ergamoota isaa waan isaan Rabbiin biraa isaanitti fidan sobsiisuun itti kafarinaan warra kafaran sana balleesseera. Yaa Ergamm! Yeroon isaan balleesse isaan harkatti qabuun kiyya akka ta'e xiinxali.

㉗ Yaa Ergamichaa! Rabbiin bishaan roobaa sammii irraa buusaa hin arginee? Bishaan saniin firiilee halluun ishee diimaan, magariisni, daalachiifi kan biroos keessa jiraatuun wal dhabu muka ishee obaasuu booda ni magarsine. Gaara irras karaalee adaadii, diddiimoofi akkaan gurraacha ta'antu jiru.

㉘ Nama, lubbuu qabeeyyiifi beyladoota (gaala, looniifi re'ee) irraa kan halluun isaa akkuma wantoota dubbatameetti waldhabutu jira. Kan sadarkaa Rabbii beekee isa sodaatu warra isa beeku qofa. Sababni isaas sifaata, sharii'aa isaafi wantoota dandeettii isaa irratti nama qajeelchan waan beekaniif jecha. Rabbiin injifataa nam tokko isa hin moone, gabroota isaa irraa dilii nama tawbatee ni dhiisaaf.

㉙ Warri kitaaba ergamaa keenya irratti buufne dubbisanii waan isa keessa jirutti dalagan, salaata akkaataa bareedaa irratti raawwataniifi waan isaanii kennineairraa zakaafi kan biroos dhoksuufi millisuunis kennan hujiilee saniin Rabbiin biraattii daldala kasaaraa hin qabne ni kajeelu.

㉚ Akka Rabbiin mindaa hojii isaanii guutee isaanii galchuufi tola isaa irraa isaanii dabaluuf. Rabbiin dilii warra amaloota kana qabanii araaramaa, hojii isaanii bareeddus qeebalaadha.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Gara tokkoon wal qixxummaa haqaafi warra dhabamsiisuudha. Karaa birootiin immoo dharaafi warra isaa.
- Lakkoofsi ergamoota Ergamaa dura darbanii baay'achuun mallattoo rahmata Rabbiitiifi diddaa uumamaati.
- Warra sobsiise balleessuun aadaa Rabbiiti.
- Amaloonni iimaanaa daldala bu'a qabeessa yoo ta'u, amaloonni kufrii daldala kasaaraati.



وَٱلَّذِيٓ أَوۡحَيۡنَآ إِلَيۡكَ مِنَ ٱلۡكِتَٰبِ هُوَ ٱلۡحَقُّ مُصَدِّقٗا لِّمَا بَيۡنَ
يَدَيۡهِۗ إِنَّ ٱللَّهَ بِعِبَادِهِۦ لَخَبِيرُۢ بَصِيرٞ ٣١ ثُمَّ أَوۡرَثۡنَا ٱلۡكِتَٰبَ
ٱلَّذِينَ ٱصۡطَفَيۡنَا مِنۡ عِبَادِنَاۖ فَمِنۡهُمۡ ظَالِمٞ لِّنَفۡسِهِۦ وَمِنۡهُم
مُّقۡتَصِدٞ وَمِنۡهُمۡ سَابِقُۢ بِٱلۡخَيۡرَٰتِ بِإِذۡنِ ٱللَّهِۚ ذَٰلِكَ هُوَ
ٱلۡفَضۡلُ ٱلۡكَبِيرُ ٣٢ جَنَّٰتُ عَدۡنٖ يَدۡخُلُونَهَا يُحَلَّوۡنَ
فِيهَا مِنۡ أَسَاوِرَ مِن ذَهَبٖ وَلُؤۡلُؤٗاۖ وَلِبَاسُهُمۡ فِيهَا حَرِيرٞ ٣٣
وَقَالُواْ ٱلۡحَمۡدُ لِلَّهِ ٱلَّذِيٓ أَذۡهَبَ عَنَّا ٱلۡحَزَنَۖ إِنَّ رَبَّنَا لَغَفُورٞ
شَكُورٌ ٣٤ ٱلَّذِيٓ أَحَلَّنَا دَارَ ٱلۡمُقَامَةِ مِن فَضۡلِهِۦ لَا يَمَسُّنَا
فِيهَا نَصَبٞ وَلَا يَمَسُّنَا فِيهَا لُغُوبٞ ٣٥ وَٱلَّذِينَ كَفَرُواْ لَهُمۡ
نَارُ جَهَنَّمَ لَا يُقۡضَىٰ عَلَيۡهِمۡ فَيَمُوتُواْ وَلَا يُخَفَّفُ عَنۡهُم مِّنۡ
عَذَابِهَاۚ كَذَٰلِكَ نَجۡزِي كُلَّ كَفُورٖ ٣٦ وَهُمۡ يَصۡطَرِخُونَ
فِيهَا رَبَّنَآ أَخۡرِجۡنَا نَعۡمَلۡ صَٰلِحًا غَيۡرَ ٱلَّذِي كُنَّا نَعۡمَلُۚ
أَوَلَمۡ نُعَمِّرۡكُم مَّا يَتَذَكَّرُ فِيهِ مَن تَذَكَّرَ وَجَآءَكُمُ ٱلنَّذِيرُۖ
فَذُوقُواْ فَمَا لِلظَّٰلِمِينَ مِن نَّصِيرٍ ٣٧ إِنَّ ٱللَّهَ عَٰلِمُ
غَيۡبِ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۚ إِنَّهُۥ عَلِيمُۢ بِذَاتِ ٱلصُّدُورِ ٣٨

㉛ Yaa Ergamichaa! Qur'aana irraa inni gara keetti nuti wahyii goone dhugaa shakkii hin qabne kan Rabbiin kitaabota darban dhugoomsuuf buuseedha. Dhugumatti Rabbiin gabroota isaa beekaa argaa waan ta'eef gara ergamaa ummata hundaatti wanta yeroo ishee keessa itti haajamtu beeksisa godha.

㉜ Ummata Nabi Muhammad kan ummata hunda irra caalchifneef Qur'aana kennine. Isaan irraa namoonni dhoowwaa hojjatee dirqama dhiisuun lubbuu ofii miidhu jira. Isaan irraa kan dirqama hojjatee dhoowwas dhiiseetuma sunnaa gaarii dhiisee wanta jibbamaa garis hojjatuun kan jiddu galeessa ta'us ni jira. Ammas isaan irraa kan fedha Rabbiitiin toltutti dorgomus jira. Sun dirqamaafi sunnaa hojjatanii wanta dhoowwaafi jibbamaa dhiisuun tahaadha. Ummata kana filuufi Qur'aana kennuufiin dubbatame sun tola guddaa tolli tokkolleen isatti hin dhihaanneedha.

㉝ Jannata qubsumaa san isaan filatamoon kun seenuun faayaafi gumee ziqeeya/warqii irraa ta'e uffifamu. Uffanni isaanii ishee keessatti hariira.

㉞ Jannata erga seenanii booda ni jedhu: ibidda seenuu sodaa irraa yaada nu qabe kan nurraa oofe faaruun hunduu Rabbiif tahaadha. Rabbiin keenya dilii nama gabroota isaa irraa tawbatee araaramaadha. Ibaadaa godhuu isaanii irrattis galata galchaadha.

㉟ Inni kan mana qubsumaa kan irraa deemuun hin jirre mala keenyaafi jabina keenyaan odoo hin ta'in tola isaa irraa kan nu qubsiise. Ishee keessatti dadhabbiifi gugurtuun nu hin tuqu. Rabbiin yeroo mindaa warra gabroota isaa keessaa filatamanii hime, achumaan mindaa salphattootas akkana jechuun dubbate:

㊱ Warra Rabbitti kafaran ibiddi Jahannam kan hogguu keessa jiraatan isaaniif tahaadha. Kan silaa du'uun adabbii jalaa boqotan duuti isaanitti hin murteeffamu. Adabbii Jahannam sanirraa homaa isaan irraa hin salphifamu. Namoota godhii Rabbii morman hundaaf guyyaa Qiyaamaa mindaa akkanaa kana kennina.

㊲ Isaan sagalee isaanii ol kaasanii lallabuun akkana jedhanii birmachuu barbaadan: Yaa Gooftaa keenya! Akka jaalala kee argannee adabbii Jahannam jalaa nagaa baanu dalagaa bareedduu tan duraan addunyaa keessatti hojjachuu turreen addaa hojjannaa ibidda irraa nu baasi. Achumaan Rabbiin deebisaa isaaniif kenna: Umri namni gorfamuu fedhu keessatti gorfamuun gara Rabbii tawbaa deebi'ee dalagaa gaggaarii hojjatu isin hin jiraachifnee? Ergamaanis adaba Rabbii irraa dinniinaa ta'ee isin itti hin dhufnee? Kana hunda booda ragaafi sababiis hin qabdan waan ta'eef adabbii ibiddaa dhandhamaa. Warra kufriifi yakkaan lubbuu isaanii miidheef tumsaan adaba Rabbii jalaa isaan baraaru yookiin isaan irraa salphisu isaaniif hin jiru.

㊳ Dhugumatti Rabbiin wanta samiifi dachii keessa nama irraa fagaate beekaadha. Isa irraa waan tokkolleen Isa hin darbu. Hamtuufi toltuu irraa wanta gabroonni qoma isaanii keessatti dhoksan beekaadha.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Ummanni Muhammad ummata hunda ni caalu.
- Iimaanni mu'uminootaa waldhabuun sadarkaan isaaniitis addunyaafi aakhiraa kessatti waldabruu argisiisa.
- Yeroon amaanaa waan taateef tiksuun dirqama. Namni ishee hadiyyeesse yeroo isaa hin fayyanne sheena'uf jira.
- Beekomsi Rabbii waan hundaan marsaadha.

هُوَ ٱلَّذِى جَعَلَكُمْ خَلَٰٓئِفَ فِى ٱلْأَرْضِ ۚ فَمَن كَفَرَ فَعَلَيْهِ كُفْرُهُۥ ۖ وَلَا
يَزِيدُ ٱلْكَٰفِرِينَ كُفْرُهُمْ عِندَ رَبِّهِمْ إِلَّا مَقْتًا ۖ وَلَا يَزِيدُ ٱلْكَٰفِرِينَ
كُفْرُهُمْ إِلَّا خَسَارًا ﴿٣٩﴾ قُلْ أَرَءَيْتُمْ شُرَكَآءَكُمُ ٱلَّذِينَ تَدْعُونَ مِن
دُونِ ٱللَّهِ أَرُونِى مَاذَا خَلَقُوا۟ مِنَ ٱلْأَرْضِ أَمْ لَهُمْ شِرْكٌ فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ
أَمْ ءَاتَيْنَٰهُمْ كِتَٰبًا فَهُمْ عَلَىٰ بَيِّنَتٍ مِّنْهُ ۚ بَلْ إِن يَعِدُ ٱلظَّٰلِمُونَ
بَعْضُهُم بَعْضًا إِلَّا غُرُورًا ﴿٤٠﴾ ۞ إِنَّ ٱللَّهَ يُمْسِكُ ٱلسَّمَٰوَٰتِ
وَٱلْأَرْضَ أَن تَزُولَا ۚ وَلَئِن زَالَتَآ إِنْ أَمْسَكَهُمَا مِنْ أَحَدٍ مِّنۢ بَعْدِهِۦٓ ۚ
إِنَّهُۥ كَانَ حَلِيمًا غَفُورًا ﴿٤١﴾ وَأَقْسَمُوا۟ بِٱللَّهِ جَهْدَ أَيْمَٰنِهِمْ لَئِن جَآءَهُمْ
نَذِيرٌ لَّيَكُونُنَّ أَهْدَىٰ مِنْ إِحْدَى ٱلْأُمَمِ ۖ فَلَمَّا جَآءَهُمْ نَذِيرٌ
مَّا زَادَهُمْ إِلَّا نُفُورًا ﴿٤٢﴾ ٱسْتِكْبَارًا فِى ٱلْأَرْضِ وَمَكْرَ ٱلسَّيِّئِ ۚ
وَلَا يَحِيقُ ٱلْمَكْرُ ٱلسَّيِّئُ إِلَّا بِأَهْلِهِۦ ۚ فَهَلْ يَنظُرُونَ إِلَّا سُنَّتَ
ٱلْأَوَّلِينَ ۚ فَلَن تَجِدَ لِسُنَّتِ ٱللَّهِ تَبْدِيلًا ۖ وَلَن تَجِدَ لِسُنَّتِ ٱللَّهِ تَحْوِيلًا
﴿٤٣﴾ أَوَلَمْ يَسِيرُوا۟ فِى ٱلْأَرْضِ فَيَنظُرُوا۟ كَيْفَ كَانَ عَٰقِبَةُ ٱلَّذِينَ مِن
قَبْلِهِمْ وَكَانُوٓا۟ أَشَدَّ مِنْهُمْ قُوَّةً ۚ وَمَا كَانَ ٱللَّهُ لِيُعْجِزَهُۥ مِن شَىْءٍ
فِى ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَلَا فِى ٱلْأَرْضِ ۚ إِنَّهُۥ كَانَ عَلِيمًا قَدِيرًا ﴿٤٤﴾

ثلاثة أرباع الحزب ٤٤

㊴ Yaa namootaa! Rabbiin waan isin hojjattan laaluuf dachii keessatti garii keessan garii irraa bakka buuse. Namni Rabbiifi waan ergamoonni dhufeenitti kafare yakkaafi adabbiin kafaruu isaa isumatti deebi'a. Kafaruun isaa Rabbii isaa hin rakkisu. Kaafirootaaf Rabbiin biratti kafaruun isaanii dallansuu cimaa malee hin ida'uuf. Wanta odoo amananii Rabbiin jannata keessatti isaanii qopheesse dhaban waan ta'aniif kaafirootaaf kafruun isaanii hoongoo malee homaa hin ida'uuf.

㊵ Yaa Ergamichaa! Mushrikoota kanaan jedhi: gabbaramtoota keessan kan Rabbiin gaditti gabbartan kana dachii irraa waan isaan uuman natti himaa? Gaara uuman moo? Laggeen isheeti uumanii? Lubbu qabeyyii isheeti uumanii? Isaan samii uumuu keessatti Rabbii waliin tahanii? Isaan gabbaruun sirrii tahuu irratti kitaaba ragaa of keessaa qabu isaaniif kenninee? Wantoota sana keessaa tokkolleen hin jiru. Lakkii warri lubbuu isaanii kufriifi diliin miidhan gariin isaanii gariif soba malee waa beellama hin godhan.

㊶ Dhugumatti Rabbiin samiifi dachii deemuu irraa dhorgee qaba. Wallahi yoo deemanillee erga Rabbiitii namni tokko kan deemuu irraa qabu hin jiru. Rabbiin obsaa adabbii isaa gabrootatti hin jarjarsine ta'eera. Gabroota isaa irraa nama tawbateef araaramaa ta'eera.

㊷ Kaafirtoonni sobsiisan kun: Wallaahi ergamaan Rabbirraa kan adaba Rabbii irraa dinniinu yoo isaanitti dhufe Yahuudaafi Kiristaana irra qajeeloo, haqa hordofoo taana jedhanii kakuu cimaa kakatan. Yeroo Muhammad Rabbii isaa irraa ergamee adaba Rabbii dinniinuuf isaanitti dhufu, dhufinsi isaa haqa irraa fagaatuufi dharatti rarra'uu malee homaa isaaniif hin idaane. Nama isaan dura darbe irra qajeeloo taana jedhanii kakuu cimaa kakataa turan san hin guunne.

㊸ Waan irrattii kakatan keessatti Rabbiin kakachuun isaanii dachii keessatti boonuufi nama ganuu malee niyyaa bareedaafi yaada nagayaa miti. Tooftaan hamaan warra isa baaseen malee hin marsu. Warri boonanii mala hamaa baasan kun aadaa Rabbii kan dur jiru san malee hin eeganii? Isheen sun warra isaan duraa irraa fakkaattota isaanii balleessetti isaanis balleessuudha. Aadaa Rabbii kan warra boone balleessuu keessatti taate san odoo hin argamne hafuun ishee jijjiramtuufi nama biraa irratti argamuunis ishee geeddaramtu hin argitu. Sababnis isheen aadaa Rabbii gadi dhaabbattuudha.

㊹ Qureyshii irraa warri si kijibsiisan kun booddeen waarra isaan dura kijibsiisee kun maal akka ta'e xiinxaluuf dachii keessa hin deemnee? Oduma humnaan Qureyshii irraa jajjaboo ta'anii booddeen isaanii waan Rabbiin lafa irraa balleesseef hamtuu hin taanee? Rabbirraa samiifi dachii keessatti homaa hin darban. Inni hojii kijibsiistota kanaa beekaadha, ishee irraa homaa isa hin dhokatu, isaas hin darbu, yeroo fedhe isaan balleessuu irrattis dadayaa ta'eera.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Kufriin sababa jibbanna Rabbiifi karaa hongooti.
- Mushrikoota shirkii isaanii irraatti ragaan sammuufi beekumsaatis isaaniif hin jiru.
- Tooftaan nama miidhaa hojjatuu ammaafi bodattis isuma balleessa.

وَلَوۡ يُؤَاخِذُ ٱللَّهُ ٱلنَّاسَ بِمَا كَسَبُواْ مَا تَرَكَ عَلَىٰ ظَهۡرِهَا
مِن دَآبَّةٖ وَلَٰكِن يُؤَخِّرُهُمۡ إِلَىٰٓ أَجَلٖ مُّسَمّٗىۖ فَإِذَا
جَآءَ أَجَلُهُمۡ فَإِنَّ ٱللَّهَ كَانَ بِعِبَادِهِۦ بَصِيرَۢا ٤٥

سُورَةُ يسٓ

آياتها ٨٣ ترتيبها ٣٦

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

يسٓ ١ وَٱلۡقُرۡءَانِ ٱلۡحَكِيمِ ٢ إِنَّكَ لَمِنَ ٱلۡمُرۡسَلِينَ ٣ عَلَىٰ
صِرَٰطٖ مُّسۡتَقِيمٖ ٤ تَنزِيلَ ٱلۡعَزِيزِ ٱلرَّحِيمِ ٥ لِتُنذِرَ قَوۡمٗا
مَّآ أُنذِرَ ءَابَآؤُهُمۡ فَهُمۡ غَٰفِلُونَ ٦ لَقَدۡ حَقَّ ٱلۡقَوۡلُ عَلَىٰٓ أَكۡثَرِهِمۡ
فَهُمۡ لَا يُؤۡمِنُونَ ٧ إِنَّا جَعَلۡنَا فِيٓ أَعۡنَٰقِهِمۡ أَغۡلَٰلٗا فَهِيَ إِلَى
ٱلۡأَذۡقَانِ فَهُم مُّقۡمَحُونَ ٨ وَجَعَلۡنَا مِنۢ بَيۡنِ أَيۡدِيهِمۡ سَدّٗا
وَمِنۡ خَلۡفِهِمۡ سَدّٗا فَأَغۡشَيۡنَٰهُمۡ فَهُمۡ لَا يُبۡصِرُونَ ٩ وَسَوَآءٌ
عَلَيۡهِمۡ ءَأَنذَرۡتَهُمۡ أَمۡ لَمۡ تُنذِرۡهُمۡ لَا يُؤۡمِنُونَ ١٠ إِنَّمَا تُنذِرُ
مَنِ ٱتَّبَعَ ٱلذِّكۡرَ وَخَشِيَ ٱلرَّحۡمَٰنَ بِٱلۡغَيۡبِۖ فَبَشِّرۡهُ بِمَغۡفِرَةٖ
وَأَجۡرٖ كَرِيمٍ ١١ إِنَّا نَحۡنُ نُحۡيِ ٱلۡمَوۡتَىٰ وَنَكۡتُبُ مَا قَدَّمُواْ
وَءَاثَٰرَهُمۡۚ وَكُلَّ شَيۡءٍ أَحۡصَيۡنَٰهُ فِيٓ إِمَامٖ مُّبِينٖ ١٢

㊺ Yakka hojjataniif odoo Rabbiin adabbii isaa namatti ni jarjarsa ta'ee jiraattota dachii keessaafi beyladoota isaan qaban yeroo sanitti balleessa. Garuu hanga yeroo beekumsa isaa keessattti murteeffamee kan guyyaa Qiyaamaatti isaan booda aansa. Guyyaan Qiyaammaa yeroo dhufe Rabbiin gabroota isaa beekaa homaa irraa hin dhokanne waan ta'eef hojii isaanii yoo toltuu taate toltuun, yoo hamtuu taate immoo hamtuun ishee irratti isaan mindeessa.

BOQONNAA YAASIIN

- Isheen Makkatti buute -

Kaayyoo Suurattii:

ergaa, kaafamuufi ragaa isaan lamaanii mirkaneessuudha.

Ibsa suurattii:

① (Yaa Siin) Fakkii ishee irratti jalqaba Suuraa Al-Baqaraa irratti haasofni darbeera.

② Rabbiin Qur'aana keeyyattoonni isaa cimaa isa wanti isa balleessu duraafi boodaanis hin dhufneen kakate.

③ Yaa Ergamichaa! Ati ergamoota Rabbiin gara gabroota isaa akka isa tokkichoomsaniifi isuma qofa gabbaraniif erge irraayi.

④ Karaa sirriifi sharii'aa qajeeltuu taate irra jirta.

⑤ Karaafi sharii'aan sirrii sun Rabbii injifataa namni tokkolleen isa hin moone kan gabroota isaa mu'uminootaaf rahmata godhaa ta'e.

⑥ Waan san gara keetti wanti buufneef ummata akka sodaachiftee dinniintuufi. Ummanni sun Araboota ergamaan isaan sodaachisu isaanitti hin dhufin kan iimaanaafi tawhiida irraa dagatoo tahaniidha. Waa'een ummata dinniinni irraa cite kan ergamoota isaan yaadachiisutti haajaman hunduu akkasuma.

⑦ Irra hedduu warra kanaa waan erga dhugaan Rabbiin biraa arraba ergamaa isaatiin itti dhufuu booda odoo hin amanin kufrii isaanii irratti hafaniif adabbiin Rabbirraa ta'e isaanitti mirkanaa'eera. Isaan Rabbiifi Ergamaa isaattis hin amanan, dhugaa irraa waan isaanitti dhufees hin beekan.

⑧ Fakkeenyi isaanii waan san keessatti akka namoota hidhaan morma isaa keessatti godhamee harki isaanii morma isaanii waliin bakka areenni isaanii waltuqu jalatti walitti qabamnaan mataa isaanii gara samii ol fuudhutti dirqamaniiti. Achi booda ishee gadi qabuu hin dandayan. Isaan kuniis Rabbitti amanuu irraa hidhamoodha waan ta'aniif isaaf gad hin gadhatan, isaafis mataa isaanii gad hin qaban.

⑨ Fuul duraafi dugda duuba isaaniittis dhorgaa goona. Dhugaa irraa ija isaanii ni hagoogna, argaa itti fayyadamuu arguu hin dandayan. wanti kun isaanitti argamuun didanii kufrii itti fufuun isaanii mul'atuu booda.

⑩ Yaa Muhammad kaafiroota dhugaa fudhatuu dide kana sodaachiftus sodaachisuu baattus waluma qixa waan ta'eef wanta ati Rabbiin biraa isaanittiin dhufte itti hin amanan.

⑪ Inni dhugaan dinniina keetti fayyadamu nama Qur'aana kana dhugoomsee waan isa keessa jiru hordofeedha. Bakka Rabbiin malee wanti tokko isa hin arginettis kan Rabbii isaa irraa sodaate. Nama amaloonni isaa kana ta'e dilii isaa irraa haquu, ishee isaaf araaramuufi mindaa guddaa jannata galuu ta'e kan aakhiratti isa eeggatu saniin isa gammachiisi.

⑫ Warra du'e qormaata guyyaa Qiyaamaatiif kaasuudhaan nutu jiraachisa. Hojii gaariifi hamtuu addunyaa keessatti isaan dabarfatan ni barreessina. Hanbaa hojii isaanii gaaris ta'u yookiin hamaas ta'u ni barreessina. Waan hunda kitaaba ifa galaa ta'e Lawhal mahfuuz keessatti gameessineerra.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Diddaan gara haqaatti qajeeluu irraa nama dhorga.
- Qur'aanatti dalaguufi Rabbiin sodaan sababoota jannata seenuuti.
- Caalmaya ilmi gaariin, sadaqaan itti fufa qabdufi fakkaataan isaan lamaanii qaban.

وَٱضۡرِبۡ لَهُم مَّثَلًا أَصۡحَٰبَ ٱلۡقَرۡيَةِ إِذۡ جَآءَهَا ٱلۡمُرۡسَلُونَ ١٣
إِذۡ أَرۡسَلۡنَآ إِلَيۡهِمُ ٱثۡنَيۡنِ فَكَذَّبُوهُمَا فَعَزَّزۡنَا بِثَالِثٖ فَقَالُوٓاْ
إِنَّآ إِلَيۡكُم مُّرۡسَلُونَ ١٤ قَالُواْ مَآ أَنتُمۡ إِلَّا بَشَرٞ مِّثۡلُنَا
وَمَآ أَنزَلَ ٱلرَّحۡمَٰنُ مِن شَيۡءٍ إِنۡ أَنتُمۡ إِلَّا تَكۡذِبُونَ ١٥ قَالُواْ
رَبُّنَا يَعۡلَمُ إِنَّآ إِلَيۡكُمۡ لَمُرۡسَلُونَ ١٦ وَمَا عَلَيۡنَآ إِلَّا ٱلۡبَلَٰغُ
ٱلۡمُبِينُ ١٧ قَالُوٓاْ إِنَّا تَطَيَّرۡنَا بِكُمۡۖ لَئِن لَّمۡ تَنتَهُواْ لَنَرۡجُمَنَّكُمۡ
وَلَيَمَسَّنَّكُم مِّنَّا عَذَابٌ أَلِيمٞ ١٨ قَالُواْ طَٰٓئِرُكُم مَّعَكُمۡۚ أَئِن
ذُكِّرۡتُمۚ بَلۡ أَنتُمۡ قَوۡمٞ مُّسۡرِفُونَ ١٩ وَجَآءَ مِنۡ أَقۡصَا ٱلۡمَدِينَةِ
رَجُلٞ يَسۡعَىٰ قَالَ يَٰقَوۡمِ ٱتَّبِعُواْ ٱلۡمُرۡسَلِينَ ٢٠ ٱتَّبِعُواْ
مَن لَّا يَسۡـَٔلُكُمۡ أَجۡرٗا وَهُم مُّهۡتَدُونَ ٢١ وَمَا لِيَ لَآ أَعۡبُدُ
ٱلَّذِي فَطَرَنِي وَإِلَيۡهِ تُرۡجَعُونَ ٢٢ ءَأَتَّخِذُ مِن دُونِهِۦٓ ءَالِهَةً
إِن يُرِدۡنِ ٱلرَّحۡمَٰنُ بِضُرّٖ لَّا تُغۡنِ عَنِّي شَفَٰعَتُهُمۡ شَيۡـٔٗا
وَلَا يُنقِذُونِ ٢٣ إِنِّيٓ إِذٗا لَّفِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٍ ٢٤ إِنِّيٓ ءَامَنتُ
بِرَبِّكُمۡ فَٱسۡمَعُونِ ٢٥ قِيلَ ٱدۡخُلِ ٱلۡجَنَّةَۖ قَالَ يَٰلَيۡتَ قَوۡمِي
يَعۡلَمُونَ ٢٦ بِمَا غَفَرَ لِي رَبِّي وَجَعَلَنِي مِنَ ٱلۡمُكۡرَمِينَ ٢٧

⑬ Yaa Ergamichaa! Kijibsiistota didoo ta’an kanaaf fakkeenya gorsa isaaniif tahu godhiif. Inni sun seenaa jiraattota gandoota yeroo ergamoonni isaanitti dhufeeti.

⑭ Yeroo jalqabaa ergamoota lama akka gara tawhiidaafi ibaadaa Rabbiitti isaan waamaniif itti ergine, isaan sobsiifnaan ergamaa sadaffaa itti ergiun gadi jabeessine. ergamoonni sadanuu jiraattota gandattiitiin ni jedhan: nuti sadeen tawhiidaafi sharii’aa Rabbii hordofuutti isin waamuuf ergamne.

⑮ Jiraattonni gandas ergamootaan ni jedhan: Isin nama akka keenyaa malee hin taane; sadarka nurra hin qabdan. Rahmaan wahyii takkallee isin irratti hin buufne. Waan kana himatuu keessaniin soba Rabbirraa kaayoo malee hin taane.

⑯ Ergamoonni sadeen kijibsiisuu warra gandaa irratti deebisuuf ni jedhan: yaa jiraattota gandaa! Rabbiin keenya akka nuti isa biraa isinitti ergamoo taane nu beeka. Ragaa nuu ta’uuf sanumaatu nuuf gayaadha.

⑰ Isin qajeelchuu hin dandeenyu waan ta’eef wanta isinittiin ergamne ifaa ifatti isinitti geessuu malee homa nurra hin jiraatu.

⑱ Warri gandaa ergamootaan ni jedhan: nuti faana teessan hammeeffanneerra. Gara tawhiidaatti nu waamuu irraa yoo dhoowwamuu baattan hanga duutanitti dhagaan isin darbatuun isin adabna; adaba laalessatu nurraa isin dhaqqaba.

⑲ Ergamtoonnis isaan irratti deebisuuf akkana jedhan: hamtuun teessan waan Rabbitti kafartanii ergamoota hordofuu dhiiftaniif isinii waliin jirti. Yoo Rabbiin isin gorsine faana teenya hommeeffattanii? Baraa isin kufriifi yakka raawwatuu keessaniin ummata daangaa darboodha.

⑳ Ergamtoota sobsiisuu, ajjeechaafi arrabaan sodaachisuu san irrraa ummata isaa irratti waan sodaateef gurbaan tokko saffisaan bakka ganda irraa fagootii dhufee: yaa ummata koo! Wanta ergamoonni kun ittiin dhufan hordofaa.

㉑ Yaa gosa too! Nama waan isinittiin dhufe geessuu irratti mindaa isin hin gaafanne duukaa deemaa. Wahyii Rabbii irraa waan isinitti geessan keessatti isaan qajeeloo waan tahaniif namoota akkanaa hordofuun sirriidha.

㉒ Gurbaan gaarii yaadu kun ni jedhe: Ibaadaa Rabbii na uumee irraa maaltu ana dhorga?! Isin hoo ibaadaa Gooftaa keessan kan isin uume kan mindaaf garuma isaa qofa deebifamtan irraa maalumaatu isin dhorga?!

㉓ Rabbii ana uumee gadittiin warra haqa malee gabbaraman godhaa? Yoo Rahmaan hamtuu natti fedhe magantaan gabbaramoota kanaa homaa narraa hin deebiftu waan taateef bu’aafi hamtus anaaf hin qabdu. Yoon kufrii irratti du’e hamtuu Rabbiin natti fedhe jalaa ana baraaruu hin dandeessu.

㉔ Ani yeroon Rabbii gaditti gabbaramoota godhadhe dogongora ifa ta’e keessaan jira. Sababni isaas waan ibaadaa haqa hin godhanne gabbaree isa ibaadaa haqa godhatu dhiisefi.

㉕ Yaa gosa too! Gooftaa kiyyaafi keessan isa ta’e sanitti amanee ana irraa dhaga’aa. Ajeechaa anaan sodaachiftan hin badadu. Hanganumatti isaan isa ajjeefnaan Rabbiin jannata galche.

㉖ Erga wareegame booda isa kabajuuf: jannata seeni jedhameen. Yeroo jannata seenee qananii achi keessa jirtu arge hawwii keessa akkana jeedhe: ummanni kiyya kan ana kijibsiisanii anas ajjeesan sun odoo beekanii,

㉗ Badiin kiyya anaaf dhiifamuufi wanta Rabbiin kiyya naan kabaje odoo beekanii akkumaan ani amanetti amananii, fakkaataa mindaa kiyyaa argatan.

Waan keeyyattoota darban iraa fudhatamu:

- Gara Rabbii waamuu keessatti seenaan jabduudha.
- Ayyaan laallatuun hojii kaafirootaati.
- Warra haqaatiif gaarii yaaduun dirqama.
- Toltuu namaan fedhuun amaloota warra iimaanaati.